BARNOOTA SAFUU

KITAABA BARATTOOTAA

KUTAA 5

Madaqsitoota:

Firaanol Waaqjiraa
Taammiraat Laggasaa
Tasfaayee Amanuu

Gulaaltota:

Mohaammad Namoo (PhD)
Waaqumaa Waamii

Seecca'aa: Abdulqaadir Amaan

Giraafiksii: Taaddasaa Dinquu

Fakkibsa: Buzaayyoo Girmaa

Madaalaa Qulqullinaa:

Darajjee Mokonnin Dheeressaa

© Biiroo Barnootaa Oromiyaa, 2015/2023

Mirgi abbeentaa kitaaba kanaa seeraan eeggamaadha. Kitaaba kana hayyama Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin ala guutummaanis ta'e gamisaan maxxansuufi baay'isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa.

Galata

Kitaabni kun, ka'umsaaf hoggansa Ministeera Barnootaa jalatti, walta'iinsa Yuunivarsiitotaa Hawaasaa, Jimmaa, Addis Ababaafi Baahirdaariin qophaa'e. Itti aansuun, qindeessummaa Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin madaqfamee qophaa'e.

Kanaafuu, qaamolee hojii kana keessatti qooda fudhatan kanneen akka Ministeerri barnootaa, qopheessitoota Yuunivarsiitotaafi madaqsitoota ogeeyyii barnootaa naannoo keenyaa hundaaf Biiroon Barnootaa Oromiyaa galata guddaa qaba.

BAAFATA

QABIYYEE **FUULA**

Boqonnaa 1: Ittigaafatamummaa Bahuu.....1

1.1. Hiika Ittigaafatamummaa.....2

1.2. Maalummaa Ittigaafatamummaa Bahuu 5

1.3. Barbaachisummaa Ittigaafatamummaa Bahuu.....7

1.4. Sadarkaalee Ittigaafatamummaa.....10

1.5. Safuufi Safeeffannaa.....13

Boqonnaa 2: Aadaa Cimanii Hojjechuu.....26

2.1. Maalummaa Aadaa Cimanii Hojjechuu.....27

2.2. Barbaachisummaa Aadaa Cimanii Hojjachuu.....29

2.3. Ibsitoota Aadaa Hojii Barattoota Ciccimoo.....31

2.4. Aadaa Dubbisuu.....33

2.5. Tooftaalee Aadaa Dubbisuu Gabbisan.....36

Boqonnaa 3: Dandeettii Murtii Sirrii Kennuu.....41

3.1. Yaadrimee Murtii Sirrii Kennuu.....42

3.2. Amaloota Dandeettii Murtii Sirrii Kennuu.....44

3.3. Sadarkaalee Murtii Sirrii Kennuuf Hordofamuu Qaban....46

3.4. Barbaachisummaa Murtii Sirrii Kennuu.....53

3.5. Danqaalee Murtii Sirrii Kennuu.....54

Boqonnaa 4: Kunuunsa Naannoo.....60

4.1. Maalummaa Naannoo Hubachuu.....61
4.2. Maalummaa Kunuunsa Naannoo.....62
4.3. Barbaachisummaa Kunuunsa Naannoo.....64
4.4. Karaalee Naannoo Ittiin Kunuunsinu.....67
4.5. Miidhaalee Naannoo Kunuunsuu Dhabuurraa Maddan.....68

Boqonnaa 5: Naamusa Ittifayyadama Miidiyaalee Hawaasaa.....75

5.1. Maalummaa Miidiyaalee Hawaasaa.....76
5.2. Barbaachisummaa Miidiyaalee Hawaasaa.....78
5.3. Naamusa Ittifayyadama Miidiyaalee Hawaasaa.....79
5.4. Miidhaa Miidiyaalee Hawaasaatti Sirnaan Fayyadamuu Dhabuu.....81

Boqonnaa 6: Walitti Dhufeenya Aadaa.....86

6.1. Maalummaa Walitti Dhufeenya Aadaa.....87
6.2. Barbaachisummaa Walitti Dhufeenya Aadaa.....89
6.3. Walitti Dhufeenya Aadaafi Gilobalaayizeeshinii.....91
6.4. Mul'istoota Walitti dhufeenya Aadaa.....94

BOQONNAA 1

Ittigaafatamummaa Bahuu

Seensa

Boqonnaan kun dhimmoota ittigaafatamummaa bahuun walqabatan barannoo shanitti qooduun dhiyeessa. Isaanis: hiika ittigaafatamummaa, maalummaa ittigaafatamummaa bahuu, barbaachisummaa, sadarkaalee ittigaafatamummaafi dudhaafi safeeffannaadha.

Barannoowwan kunneenis, barattoonni gochaalee garaagaraa keessatti dammaqinaan akka hirmaatan kanneen afeeraniidha. Kunis, barattoonni gochaalee raawwatan kamiifuu ittigaafatamummaa akka fudhatan isaan taasisa. Haala kanaan, barannoowwan kunneen gochaalee gaggaarii raaw-wachuun kan nama galateeffachiisuufi gocha badaa raawwachuun immoo kan balaaleffachiisu ta'uu isaan hubachiisa.

Yaadrimeefi Jechoota Ijoo:

ittigaafatamummaa, ittigaafatamummaa bahuu, waadaa, namoota gargaaruu, qabeenyatti sirnaan fayyadamuu, gibira kaffaluu, seera tiraafikaa kabajuu

Bu'aalee barachuu barnoota boqonnichaa:

- maalummaa ittigaafatamummaa bahuu ibsuu;
- barbaachisummaa ittigaafatamummaa bahuun qabu hubachuu;
- sadarkaalee ittigaafatamummaa adda baasuu;
- safuufi safeeffannaa hawaasaa dinqisiifachuufi kabajuu.

1.1. Maalummaa Ittigaafatamummaa

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

Xumura barannoo kanaatti:

- ittigaafatamummaan maal akka ta'e ni'ibsita;
- ittigaafatamummaa maatiikee keessatti qabdu nitarreessita.

Gaaffilee Hubannoo

Ittigaafatamummaa maatiikee keessatti qabdu barattoota daree keetiif ibsi!

Ittigaafatamummaan ofdanda'uu, filannoowwan gaggaarii taasisuufi gochoota gaggaarii raawwachuudha. Lammiileen ittigaafatamummaan ittidhaga'amu nageenyummaa namoota biroof bakka guddaa kennu. Akkasumas, gahee dhalli namaa addunyaa kana jireenyaaf mijataa taasisuu keessatti bahuu qabu nihubatu.

Qordhimma1.1:

Ilma: Abbaa, Caalaa bira deemeen taphadha.

Abbaa: Uffata dambii mana barumsaa miiccatteettaa?

Ilma: Lakki; yommuun deebi'un miiccadha.

Abbaa: Badhaasaa, tapha dura uffata dambii mana barumsaa miiccachuutu sirraa eegama. Mana kana keessatti hundi keenya ittigaafatamummaa nurraa eegamu dursuu qabna. Kanaafuu, erga uffata dambii kee miiccattee booda Caalaa bira deemtee taphachuu dandeessa.

Gocha 1

Gaaffilee asiin gadii waliin dubbii asiin olii irratti hundaa'uun deebisi.

1) Badhaasaan maatii isaa keessatti ittigaafatamummaa niqabaa?

2) Ittigaafatamummaan ati maatiikee keessatti qabdu maal fa'i?



Fakkii 1.1 Hojii kamiyyuu ittigafatamummaan hojjechuu

Ittigaafatamummaa qabaachuun mana barumsaattis ta'ee alatti, hojii milkaa'ina qabu hojjachuuf isa ijoodha.

Ittigaafatamummaan dhimmoota akka:

- ofdanda'uu;
- ofitti amanamummaa qabaachuu;
- waadaa eeguu;
- gahee ofii bahuu;
- gocha ofiif ittigaafatamummaa fudhachuu;
- dogoggora raawwatame fudhachuufi sirreeffachuuf ofqopheessuu;
- maatii, hawaasaafi ummata keessatti gahee ofii bahuu fa'i dabalata.

Kunimmoo, barattoonni hunduu waan isaan irraa eegamu beekuufi ga'ee ofii ba'uu akka qaban hubachiisa. Karaalee barattoonni ittigaafatamumaa isaanii ittiin ba'an keessaa muraasni:

- ✓ hiriyoota ofiif yaaduu;
- ✓ maatii ofiif yaaduu;
- ✓ ollaa ofiif yaaduu;
- ✓ tola-ooltummaan hawaasa ofii gargaaruu;
- ✓ dogoggora ofii fudhachuufi dhiifama gaafachuu fa'i.



Fakkii 1.2 Hojiilee tola ooltummaa keessatti dammaqinaan hirmaachuu

Gocha 2

1) Hojiilee tola-ooltummaa fakkii asiin olitti tarreeffaman keessaa isa kamirratti hirmaattee beekta? Maal fa'a hojjatte?
2) Akka barataatti wantootni ati raawwachuu hinqabne maalfa'i?
3) Tola-ooltummaan hojiiwwan akkamiitiin ibsama?

1.2. Maalummaa Ittigaafatamummaa Bahuu

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

Xumura barannoo kanaatti:

- ittigaafatamummaa bahuun maal akka ta'e ni'ibsita;
- gochoota ittigaafatamummaa bahuu keessatti raawwachuu qabdu nitarreessita;
- gochoota raawwattuuf ittigaafatamummaakee nibahatta.

Ittigaafatamummaa bahuun hojii namarraa eegamu tokko haala gaariin hojjatanii argamuudha. Kunimmoo, hojii akka ati hojjettu sirraa eegamu hojjachuun ibsama. Fakkeenyaaf,

- Maatiinkee akka ati harka kee dhiqattu sirraa eegu. Kanaafuu,yeroo hunda nyaata duraafi booda harkakee dhiqachuun ittigaafatamummaa keeti.
- Barsiisaankee akka ati hojmanee hojjettee dhuftu sirraa eega. Kanaafuu, hojmanee sirriitti hojjettee argamuun ittigaafatamummaa keeti.

Gama biroon ammoo, ittigaafatamummaan haala waan nama tokkorraa eegamu ittihojjatanidha. Fakkeenyaaf, maatiin kee akka ati daandii konkolaataarra taphattu hinbarbaadan. Kanaafuu, bakka balaan namarra

gahuu danda'u irra taphachuu hinqabdu. Kana raawwachuun immoo itti-gaafatamummaa keeti.



Barattoonni cimanii barachuuf ittigaafatamummaa qabu



Barattoonni balaa konkolaataa irraa ofeeguu qabu

Fakkii 1.3.Barattootni ittigaafatamummaa isaanii sirnaan bahachuu qabu

Gocha 3

Hiriyyaa kee waliin hojii akka isin hojjettan isinirraa eegamuufi akkaataa itti hojjettan tarreessaa. Hojiilee akka hojjettu sirraa eegamu:

1. _____
2. _____
3. _____

Akkaataa hojii sirraa eegamu ittiin hojjettu

1. _____
2. _____
3. _____

1.3. Barbaachisummaa Ittigaafatamummaa Bahuu

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

Xumura barannoo kanaatti:

- barbaachisummaa ittigaafatamummaa bahuu ni'ibsita;
- ittigaafatamummaa bahuun faayidaa qabaachuu isaa beektee niraawwatta.

Dhimmoota ittigaafatamummaan barbaachisaniif keessaa muraasni:

1. Ittigaafatamummaa raawwii hojii keessatti


Ittigaafatamummaa bahuun gochaafi bu'aa isaa kan walqabsiisudha. Karaan nuti barbaachisummaa ittigaafatamummaa bahuu ittiin hubachuu dandeenyu keessaa tokko miidhaa ittigaafatamummaa bahuu dhabuun nurra ga'uu danda'u beekuudha.Ittigaafatamummaa bahuun kan namoota hundarraa eegamudha. Namoonni biroo akka ittigaafatamummaa isaanii bahan kan feetu yoo ta'e, atis ittigaafatamummaakee bahuu qabda. Ittigaafatamummaa nuti ba'uu qabnu keessaa muraasni:

a. Ittigaafatamummaa mirga namoota biroo kabajuu

Barattoonni yeroo taphatan mirga hiriyoota isaaniif ofeeggannoo gochuu qabu. Namootni mirga keenya yoo dhiiban akkuma nutti dhaga'amu, mirga namoota biroo yoo dhiibne akka isaanitti dhaga'amu beekuu qabna.

b. Ittigaafatamummaa qaamaafi uffata keenyaaf qabnu

Qulqullina qaamaafi uffata keenyaa eeggachuu qabna.



Fakkii 1.4. Barattoonni qulqullina eeggachuuf ittigaafatamummaa qabu

c. Ittigaafatamummaa meeshaalee ittitajaajilamnuuf qabnu

- Osoo barattoonni hundi waraqaa ciccitaa kutaa barnootaa keessaa hinfunaanan ta'ee maaltu ta'a?
- Osoo mana isaaniif ofeeggannoo hintaasisan ta'ee hoo?

Baratoonni meeshaalee mana barumsaattis ta'ee alatti dhimma ittiba'aniif kunuunsa barbaachisu taasisuu qabu. Kunimmoo, ittigaafatamummaa isaaniiti.

2. Miira keenya to'achuu

Ittigaafatamummaa bahuun miira gaarii kan nama keessatti uumu yoo ta'u, ittigaafatamummaa bahuu dhiisuun garuu faallaa kanaati. Yeroo tokko tokko gocha sirrii yookaan ittigaafatamummaa qabnu raawwachuun ulfaataa ta'uu danda'a. Kunimmoo, bu'aa gaarii yookiin

badaa qabaata. Gocha gaarii yoo raawwanne yookiin ittigaafatamummaa qixa sirrii ta'een yoo baane, bu'aa gaarii galmeessina. Gochaa gadhee raawwachuun yookiin ittigaafatamummaa bahuu dadhabuun balaa namarra dhaqqabuu danda'u hordofsiisa. Kanaafuu,ittigaafatamummaakee sirriitti hinbaatu yoo ta'e, miirri keefi namoota biroo jeeqamuu danda'a.

Qordhimma

Gaafa tokko Lataan hiriyaa isaa Fayyisaa waliin kubbaa taphataa ture. Fayyisaan akka taphataa cimaa ganda sanaattis ofyaada. Kanarraa kan ka'e, kubbaan yeroo inni humnaan dhiitu dallaarra darbee foddaa mana Obbo Gammadaa cabse. Lataafi Fayyisaan ni'iyyan. Fayyisaan nibaqanna jedhee fiige. Lataan garuu fiiguu hinbarbaanne. Gara Obbo Gammadaa deemuun, Obbo Gammadaa, baay'een gadda, xiyyeeffannoo osoo hinkenniin taphachuunkoo dogoggora keenya jedhee dhiifama gaafate.

Gocha 4

Qordhimma asiin oliirratti hundaa'uun gaaffilee asii gadii irratti mari'adhaa!

1. Fayyisaan maaliif fiige? Maal gochuu qaba ture?
2. Lataan maal raawwate?
3. Osoo Lataa taatee maal goota?

1.4. Sadarkaalee Ittigaafatamummaa

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

Xumura barannoo kanaatti:

- sadarkaalee ittigaafatamummaa nitarreessita;
- garaagarummaa sadarkaalee ittigaafatamummaa jidduu jiru adda nibaafatta.

Dhalli namaa beekumsaafi ogummaa kan qabudha. Nuti uumama olaantummaa qabudha kan ofiin jennu, yoo beekumsaafi dandeettii keenyatti sirnaan kan fayyadamnu ta'edha. Gocha keenyaaf itti gaafatamummaa qabna. Ittigaafatamummaan kun immoo sadarkaalee hedduu qaba. Isaan keessaa muraasni:

1. Ittigaafatamummaa sadarkaa nama dhuunfaa

Ittigaafatamummaan dhuunfaa amalaafi gocha nama dhuunfaa waliin kan walqabatudha. Kunis:

- kabajaan dubbachuu;
- miira namoota biroo kabajuu;
- yeroo, dambiifi qajeelfamoota mana barumsaa hordofuu;
- hojii barsiisotni kennan yeroon raawwachuu;
- nyaata qisaasessuu dhiisuu;
- dhugaa dubbachuu;
- qulqullina dhuunfaa eeggachuu;

- hiriyoota keetiif amanamaa ta'uu;
- ofittummaa dhiisuun namoota biroo gargaaruu;
- meeshaalee miidhaa geessisan qabachuu dhiisuu;
- gorsa hangafootaa, maatiifi barsiisotaa fudhachuu;
- qulqullina mana ofiifi mana barumsaa eeguudha.

2. Ittigaafatamummaa sadarkaa maatiifi hawaasaa

Namni kamiyyu jireenya waaraa qabu jiraachuuf, maatiifi hawaasa keessa jiraatu keessatti ittigaafatamummaa ofii ba'uu qaba. Maatii tokko keessa miseensota maatii umurii garaagaraatu jiru. Miseensonni maatii waliigalteen maatiifi hawaasa waliin jiraachuuf ittigaafatamummaa isaanii sirnaan bahuu qabu. Maatiifi hawaasa badhaadheefi gammachuu qabu horachuufis hojii isaanii haala gaariin hojjechuu qabu. Kanaafuu, miseensonni maatiifi hawaasaa hundi safuufi duudhaa hawaasa isaanii kabajuu qabu. Duudhaaleen hawaasaa kunneenis:


- hojii kamuu maatii gargaaruu;
- walkabajuu;
- hangafoota kabajuu;
- dhukkubsattootaaf kunuunsa gochuu;
- daa'immaniif eegumsa gochuufi aadaa gaarii barsiisuu;
- ogummaa/hojii maatii ofiifi hawaasaa kabajuu fa'i.



Fakkii 1.5. Barattoonni maatii isaanii gargaaruuf ittigaafatamummaa qabu

3. Ittigaafatamummaa sadarkaa biyyaa

Akka lammiifi miseensota biyya tokkootti, biyya keenyaaf dursa kennuun ittigaafatamummaa biyyi keenya nurraa barbaaddu bahuu qabna. Haalli kun biyyi keenya akka guddattuufi nuti lammii gaarii taanu nu taasisa. Ittigaafatamummaa kanneenis diyaagiraamii asiin gadiirraa ilaaluun nidanda'ama.



Fakkii 1.6 Ittigaafatamummaa lammummaa

Gocha 5

1. Sadarkaaleen ittigaafatamummaa sadan maalfa'i?
2. Ittigaafatamummaa sadarkaa dhuunfaa kanneen jedhaman tarreessi.

1.5. Dudhaafi Safeeffannaa

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

Xumura barannoo kanaatti:

- safeeffannaan maal maaliin akka ibsamu nitarreessita;
- duudhaalee hawaasa keessatti kabajamuu qaban adda baaafatta.

Dhalli namaa hawaasummaan jiraata. Jireenya hawaasummaa keessatti ulfina waliif kennuun bakka guddaa qaba. Fakkeenyaaf, caasaa hawaasa Oromoo keessatti, angafootni, haadhaafi abbaan, akkoofi akaakayyuun, manguddootaafi Abbootiin Gadaa nikabajamu. Kabajni isaaniif taasifamu kun ammoo safeeffannaa isaaniif qabnu agarsiisa. Oromoon caasaa hawaasaa kabaja qaban kanaan Wayyuu jedha. Wayyooma isaanii ibsuufis, haadhaafi abbaan wayyuudha; manguddoonni wayyuudha; Abbootiin Gadaa wayyuudha; Haadholiin Siinqee wayyuudha; angafnis wayyuudha jedhama. Duudhaan kunis, Oromoon hariiroo maatii, hawaasummaafi ummatummaa gaarii ta'e akka qabaatu kan taasisedha.

Kanaafuu, duudhaalee hawaasaa kanneen asiin gadii hojiirra oolchuun barbaachisaadha.

- waadaa eeguu;
- namoota biroo gargaaruu;
- qabeenya waliiniitti sirnaan fayyadamuu;
- hojiilee hawaasummaa keessatti si'aayinaan hirmaachuu;
- gibira yeroon kaffaluu;
- seera tiraafikaa kabajuu
- wayyoomaafi kan kana fakkaatan fa'i.

A. Waadaa eeguu

Gaaffii Hubannoo


Waadaan maali? Waadaa eeguun maali?

Waadaan irbuu namoonni lamaafi sanaa ol waan tokko raawwachuufi dhiisuurratti waliigalanidha. Waadaa eeguun waan irratti waliigalan tokko fiixaan baasuudha.

Ittigaafatamummaa waadaa eeguu shaakaluuf karaalee shantu jiru. Isaanis:

- ani waadaan seene eeguun qaba;
- sababa hindhiyeessu;
- hojii koo haala gaariinan hojjedha;
- waanan dogoggore nan sirreessa;
- ani hojii koo nan beeka; nan raawwadhas.

Fakkeenyaaf, ittigaafatamummaa waadaa eeguu Addooyyeen biratti jiru ilaali. Addooyyeen, hiriyummaa shamarran Oromoo jaalala dhugaafi kabajaa waliif qaban ittiin agarsiisanidha. Shamarran Oromoo umriifi naannoo jireenyaatiin walitti dhiyaatan waljaallachuufi waliif dhaabbachuuf waadaa waliigaluun hiriyyoomu. Waadaan hiriyummaa isaanii akka hincabnes waliif kakatu. Kakuun isaaniis seera mataa isaa qaba. Kunis, shamarraan lamaan quba moggee walqabatanii akkana jechuun waliif kakatu:

A: Addooyyee Addooyyee
B: Oo koo!

A: Yoon lammata maqaa siiwaame maqaakoo duuti haawaamu.

B: Kan koos duuti haawaamu.

Kakuu kana booda, addooyyee waliin jedhu malee maqaan walhinwaaman. Haaluma kanaan, hiriyummaa isaanii daran cimsuun firoomanii waliin jiraatu.

B. Namoota gargaaruu

Gaaffilee Hubannoo

Ati nama gargaartee beektaa? Maaliif?

Namoota biroo gargaaruun gocha gaariifi gammachiisaa ta'edha. Namoota gargaaraman qofa osoo hintaane warra gargaaraniifis kan gammachuu kennudha. Walgargaaruun hawaasa walitti dhufeenya gaariifi tokkummaa qabu uuma. Nammoonni maallaqa qofaan osoo hintaane, yeroo, yaadaafi humnaan walgagaaruu danda'u. Namoota biroo gargaaruun:

- ittigaafatamummaa qofa osoo hintaane hiika jireenyaatis;
- naannoo jireenyaa mijataa ta'e uuma;
- namoota birootti gaarummaa agarsiisuufi gammachuun wajjin jiraachuudha.

C. Qabeenyatti sirnaan fayyadamuu

Baay'inni lakkoofa uummataafi facaatiin isaa dabaluun fedhiin ittifayyadama qabeenyaa akka dabalu taasisa. Kanaaf, fedhii ummataafi qabeenya jiru walsimsiisuuf sirnaan fayyadamuun barbaachisaadha. Qabeenya sirnaan fayyadamuu dhiisuun naannoorratti dhiibbaa uuma. Fakkeenyaaf, naannoon akka qulqullina hinqabaanne taasisa. Akkasumaas, faalamni qilleensaafi ho'i addunyaa garmalee akka dabaluuf sababa ta'a.

Kanaafuu, qabeenya uumamaatti sirnaan fayyadamuun hanqina qabeenya uumamaa furuun alatti, dhiibbaa naannoorra gahuu maluuf furmaata. Qabeenya uumamaafi namtolchee kunuunsuufi haalaan ittigargaaramuuf barbaachisan keessaa muraasni:

yeroo, maallaqa, meeshaalee adda addaa, lafa, humna nama, lageen, bosona, bineeldotaafi kan kana fakkaatan.

Gocha 6

1. Qabeenya uumamaafi namtolchee sirnaan fayyadamuun faayidaalee akkamii qaba?
2. Qabeenya uumamaa sirnaan fayyadamuu dhiisuun hoo miidhaa akkamii qaba?

D. Hawaasa keessatti dammaqinaan hirmaachuu

Hirmaannaan hawaasaa qooda fudhannaa namoonni rakkoo hawaasaa hiikuu irratti taasisanidha. Namoonni jireenya hawaasummaa keessatti walittidhufeenya qabu. Barattoonnis qaama hawaasaa waan ta'aniif, jireenya hawaasummaa keessatti gahee ba'an qabu.

Kanaafuu, tokkummaadhaan hawaasa waliin hojjechuutu barattoota irraa eegama. Barattoonni hirmaannaa hawaasaa si'aayina qabu taasisan lammii gaarii jedhamu. Kunimmoo, lammiileen kamuu ogummaafi dandeettii qabaniin hawaasa isaanii tajaajiluu akka qaban argisiisa. Gaheen hojii barattootaa inni guddaan barnoota waan ta'eef, sirriitti qo'achuutu irraa eegama. Ta'us, yeroo boqonnaafi yeroo rakkoon hawaasummaa mudatu, dammaqinaan hirmaachuu qabu. Fakkeenyaaf, hojiiwwan barattoonni akka garee hawaasaatti irratti hirmaachuu qabaan keessaa muraasni:

- naannoo qulqulleessuu;
- ollaaf ergamuu;
- biqiltuu kunuunsuu;

- ☞ namoota rakkatan gargaaruu;
- ☞ loogii gochuu dhiisuu.

Gocha 7

1. Hojiiwwan hawaasaa asiin olitti tarreeffaman keessaa kan si'aayinaan keessatti hirmaatte yoo jiraate dareef dhiyeessi.
2. Fuulduraaf hojiiwwan hawaasaa akkamii keessatti si'aayinaan hirmaachuuf fedhii qabdaa? Maaliif?

E. Gibira kaffaluu

Gaaffilee Hubannoo

1. Maatiin kee gibira nikaffaluu?
2. Maaliif akka isaan gibira kaffalan gaafattee beektaa?

Gibirri kaffaltii lammiileen biyya tokkoo hojii irratti bobba'an irratti hundaa'uun mootummaaf kaffalanidha. Kunimmoo, ittigaafatamummaa lammiileen hundi bahuu qabanidha. Gibira kaffaluun biyyoota addunyaa hunda keessatti kan hojiirra ooludha. Gibirri lammiileen biyya tokkoo kaffalan galii mootummaa guddisuun dhaabbileen tajaajila hawaasummaa ittikennamu akka babal'atu taasisa.

F. Seera tiraafikaa kabajuu

Seera tiraafikaa kabajuun gocha yeroo karaa konkolaataa qaxxaamurru raawwachuu qabnudha.



Fakkii: 1.7. Seeraa tiraafikaa eeguu

Qajeeltoowwan seera tiraafikaa keessaa muraasni:

- yommuu daandii qaxxaamurru bitaafi mirga ilaallachuu;
- kallattii bitaa qabatanii deemuu;
- daandii konkolaataarra taphachuu dhiisuu;
- mallattoolee tiraafikaa kabajuu;
- halluu diimaan dhaabadhu jechuu akka ta'e beekuu;
- halluu magarisi deemi jechuu akka ta'e beekuu;
- halluu keelloo deemuuf qophaa'i jechuu akka ta'e beekuu;
- balbala konkolaataa osoo hinbaniin dura waan naannoo jiran hubachuu;
- naannoo marfataarratti daandii konkolaataa qaxxaamuruu dhiisuu;
- daandii eeyyamame (daandii zebraa) irra qaxxaamuruu;
- harkaafi morma ofii karaa foddaa konkolaataa baasuu dhiisuu.

Gocha 8

Gaaffilee asiin gadii seera tiraafikaa asii olii irratti hundaa'uun deebisi.

1. Seerri tiraafikaa yemmuu daandii qaxxaamurru kabajuu qabnu maal fa'i?
2. Seerota tiraafikaa kabajamuu qaban tarreessi.

G. Wayyooma

Wantoota hawaasummaa cimsan keessaa tokko seera hawaasummaa eeguudha. Hawaasni kamiyyuu seera ittiin waliin jiraatu qaba. Kana jechuun miseensi hawaasaa kamiyyuu waan hojjachuu qabuufi hojjachuu hinqabne qaba. Akka Oromootti, seera hawaasaa kabajuun wayyooma jedhama. Wayyoomni qaamota adda addaatiif kennama: wayoomaWaaqaa, wayyooma namaa, wayyooma lafaafi kan kana fakkaatan. Fakkeenyaaf, Waaqni wayyuudha; wanti Waaqa irraa dhufe hunduu nikabajama. Waaqni hinkomatamu. Kana irraa kan ka'e, Oromoon 'Waaqaaf safuudha!" jechuun ulfina Waaqaaf qabu ibsata.

Namoonni ga'eefi umrii caasaa hawaasummaa keessatti qabaniin nikabajamu. Namoonni hawaasa keessatti kabajaman ammoo Wayyuu jedhamu. Kanaaf, hangafni wayyuu; haadhaafi abbaan wayyuu; soddaafi soddaatiin wayyuu; manguddoofi Abbootiin Gadaa wayyuudha. Kana jechuun nikabajamu jechuudha. Kabaja isaaniif taasifamu kanaan immoo Wayyooma namaa jenna.

Wayyoomni lafaa immoo, kabajaafi ulfina bakkeewwan duudhaaleen hawaasaa itti kabajamaniif kennamu xiyyeeffata. Oromoon ardaalee jilaaf ulfina guddaa qaba. Akka bakkeewwan biroo, ardaaleen jilaa hinqotaman;

muknis irraa hinmuru. Kanaaf, ardaaleen jilaas wayyuudha.

Gocha 9

1. Akka Oromootti seera hawaasaa kabajuun maal jedhamee beekamaa?
2. Qaamota hawaasaa wayyoomni kennamuuf tarreessi.

Guduunfaa

Ittigaafatamummaa jechuun gocha namarraa eegamu yeroofi akkaataa namarraa eegamuun raawwachuu danda'uu jechuudha. Gochaalee kunneenis; tola ooltummaan hawaasa ofii gargaaruu,dogoggora ofii amananii fudhachuufi dhiifama gaafachuufaa hammata.

Ittigaafatamummaa bahuun ammoo, hojii namarraa eegamu tokko qixa sirrii ta'een raawwachuudha. Osoo namoonni ittigaafatamummaa isaanii hinbahan ta'ee, hojiin haala barbaadameen hojjetamuu hindanda'u. Kanamalees, jireenyi namootaa akka hinfooyyofne gochuun rakkoo uuma.

Ittigaafatamummaan sadarkaalee gara garaa qaba. Sadarkaalee itti gaafatamummaa kanneen jedhaman: ittigaafatamummaa sadarkaa dhuunfaa; ittigaafatamummaa sadarkaa maatii, ittigaafatamummaa sadarkaa hawaasaafi ittigaafatamummaa sadarkaa biyyaati.

Namoonni gochoota adda addaa sadarkaalee adda addaatti raawwachuun ittigaafatamummaa isaanii ba'u. Fakkeenyaaf: waadaa kabajuu, namoota biroo gargaaruu, qabeenyatti sirnaan fayyadamuu, jireenya hawaasummaa keessatti si'aayinaan hirmaachuu, gibira yeroon kaffaluu, seera tiraafikaa kabajuu, naannoo kunuunsuufi kan kana fakkaatan fa'idha.

Gaaffilee Keessa Deebii Boqonnichaa

Ajaja I. Himoota asiin gadii yoo sirrii ta'an Dhugaa yoo sirrii hintaane immoo Soba jechuun deebisi.

1) Seera cabsuun sirrii miti.
2) Sobuun safuu cabsuudha.
3) Qubeessaa namarraa ergifatanii deebisuu dhiisuun dogoggora.
4) Namoota rakkoo garagaraa qaban gargaaruun dogoggoora.
5) Namoota gowwoomsuun sirrii miti.

Ajaja II: Gaaffilee asiin gadiif filannoowwan jiran keessaa deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Yeroo hunda dhugaa dubbachuun maaliif barbaachisaa ta'e?
   A. nama amanamaa ta'uun waan barbaachisuuf
   B. nama biratti fudhatamummaa qabaachuuf
   C. sobuun safuu cabsuu waan ta'eef
   D. hunduu deebiidha

2. Ati hatuu hinqabdu. Sababni isaa;
   A. amanamummaa dhabda
   B. yoo qabamte nihidhamta
   C. hatuun safuu eeguu dhabuu waan ta'eef
   D. hunduu deebiidha

3. Waan qabaniin walgargaaruun gaariidha. Sababni isaa;
   A. walgargaaruun aadaa gaarii waan ta'eef
   B. dandeettii qabduun yoo nama gargaarte atis boqonnaa sammuu argatta.
   C. arjummaan amala gaarii namni qabu waan ta'eef
   D. hunduu deebiidha

Ajaja III: Seenaa asiin gadii dubbisuun gaaffilee dhiyaatan deebisi.

1. Dammituufi obboleettiin ishee barattoota kutaa 5ffaaati. Mana barumsaatii osoo galaa jiranii, Dammituun hiriyyaa ishee waliin taphataa waan turteef daqiiqaa 30 boodatti haftee galte.

   A. Ittigaafatamummaan Dammituu maali?
   B. Ittigaafatamummaa ishee baatee jirtii?
   C. Sababa gocha ishee kanaaf, gorfamuu qabdi jettee yaaddaa?

2. Gammadaan akkuma dareetii baheen hiriyyoota isaa wajjin dirree mana barumsaarratti kubbaa miilaa taphachuu eegale. Haati isaa sa'aatii 6:40tti laaqanaaf akka manatti argamu ittihimtee turte. Yommuu sa'aatiin 6:30 ta'u hiriyyaan isaa tokko akka dabalataan sa'aatii tokko wajjin taphachuu barbaadu ittihime. Gammadaan garuu, akka barfatu waan beekeef dhiisee gara manaatti gale.

   A. Ittigaafatamummaan Gammadaa maali?
   B. Ittigaafatamummaa isaa bahatee jiraa?
   C. Sababa gocha isaa kanaaf jajjabeeffamuu qaba jettee yaaddaa? Maaliif?

3. Guyyaa tokko akkoon Taliilee boroo ishee keessa biqiltuu dhaabaa turte. Taliileen guyyaa sana deemtee gargaaruu yaaddus rooba waan ta'eef, deemuu hinbarbaanne. Ta'uyyuu, akkoon ishee gargaarsa feetu waan beektuuf hafuun itti ulfaate. Kanarraa ka'uun, uffata roobaa uffachuun gargaaruu deemte.

   A. Ittigaafatamummaan Taliilee maali?
   B. Taliileen ittigaafatamummaa ishee baatee jirtii?
   C. Sababa gocha ishee kanaaf jajjabeeffamuu qabdi jettee yaaddaa?

4. Gaafa tokko Caaltuun horii akka bobbaaftu ajajamte. Maatiin ishee loon siddisa/amaaqixa akka hindheechifne akeekkachiisan. Caaltuun garuu, margichi waan itti toleef, goromsa handhuuraa isheef kenname daftee akka quuftuuf jettee dheechifte. Yeroo gabaabaan booda, goromsi ishee waan siddisa dheeddeef bokoktee jalaa duute.

   A. Ittigaafatamummaan Caaltuu maali?
   B. Caaltuun ittigaafatamummaa ishee baatee jirtii?
   C. Sababa gocha ishee kanaaf gorfamuu qabdi jettee yaaddaa?

BOQONNAA 2

Aadaa Ciminaan Hojjechuu

Seensa

Boqonnaa kana keessatti, waa'ee aadaa ciminaan hojjachuu, barbaachisummaa aadaa ciminaan hojjachuufi ibsitoota aadaa ciminaan hojjachuu baratta. Akkasumas, amaloota dubbisaafi tooftaalee dandeettii dubbisaa ittiin gabbifattu nibaratta.

Yaadrimeefi Jechoota Ijoo: *aadaa* ciminaan *hojjachuu, miidhaa daa'immanirra gahu, hojii daa'immanii, amala dubbisuu, tarsiimoo dubbisuu, ogummaa hojii*

Bu'aa barachuu barannoo boqonnichaa:

- maalummaa aadaa ciminaan hojjachuu ibsuu;
- barbaachisummaa aadaa ciminaan hojjachuu hubachuu;
- amaloota nama aadaa ciminaan hojjachuu qabuu tarreesuufi
- akkaataa hojii ofii karoorfachuun ittidanda'amu adda baasuu.

2.1. Maalummaa Aadaa Ciminaan Hojjechuu

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

Xumura barannoo kanaatti:

- maalummaa aadaa ciminaan hojjachuu ni'ibsita;
- namoota aadaa ciminaan hojjachuu qabaniin jireenya isaanii fooyyeeffatan nidinqisiifatta.

Gaaffilee hubannoo

- Aadaan ciminaan hojjachuu maali?
- Ciminaan hojjechuun maaliif barbaachisee?
- Milkaa'inni jireenyaa carraadha moo ciminaan hojjechuun dhufa?

Hojiin bu'uura jireenyaati. Hojii bu'a-qabeessa ta'e hojjachuun jireenya namaa qajeelcha. Kunimmoo, aadaa ciminaan hojjachuu qabaachuu irraa madda. Aadaan hojii haalota rakkisoo ta'aniif osoo harka hinkennine, ciminaan hojjachuudhaan argama. Aadaan ciminaan hojjachuu humnaafi yeroo ofii aarsaa gochuun hojii bu'a-qabeessa ta'e tokko walitti fufiinsaan hojjechuudha. Kunis, yeroo hojiif kenname tokko hojicha qofaaf oolchuu, leecalloo hojiif ramadame qisaasessuu dhiisuu, hojii karoorsuu, hojii tuffachuu dhiisuu, cichoominaan hojjachuu, miira waldorgommii gaarii ta'e qabaachuu, aadaa waliin hojjachuu qabaachuufi kan kana fakkaatanidha.



Fakkii 2.1: Aadaa ciminaan hojjechuu gabbifachuun barbaachisaadha

Barattoonni ciccimoon barnoota isaaniitiin kan milkaa'aniif, barsiisota isaanii haalaan waan hordofaniifi ciminaan waan qayyabataniif. Namoonnis kan duroomaniif, hojii irratti bobba'an ciminaan waan hojjataniif. Kunimmoo, aadaa ciminaan hojjachuu qabaannaan namni kamiyyuu jireenya isaatiin kan milkaa'u ta'uu agarsiisa. Kanaaf, namoonni akka durooman ykn hiyyooman kan taasisu aadaa ciminaan hojjachuu qabaachuu yookiin dhabuudha. Biyyoonni lammiileen isaanii aadaa ciminaan hojjachuu qaban saffisaan guddachaa jiru. Fakkeenyaaf, Chaayinaan lammiileen ishee aadaa ciminaan hojjachuu waan qabaniif, biyyoota saffisaan guddachaa jiran keessaa sadarkaa duraa qabachuu dandeessee jirti. Kanneen lammiileen isaanii aadaa ciminaan hojjachuu hinqabne immoo guddinni isaanii tiratataadha.



Fakkii 2.2: Onnatanii cimanaan hojjachuu

Cimanii hojjechuun carraa gaarii argamsiisa. Yommuu cimanii hojjetan, carraa caalu argatu. Milkaa'inni icciitii biraa hinqabu; bu'aa ofqopheessuu, ciminaan hojjechuufi kufaatii ofiirraa barachuuti. Kanaafuu, namni kamuu milkaa'inni carraadha jechuu dhiisee hojii irratti bobba'e cimee hojjechuu qaba.

Gocha 1

1) Maatii kee keessa aadaa hojii akkamii fa'atu jira?
2) Akka naannoo keetti, aadaan hojii beekamaa ta'e kami?
3) Aadaa ciminaan hojjachuu maal fa'i hammata?
4) Ciminaan hojjechuu moo carraatti amanta? Maaliif?

2.2. Barbaachisummaa Aadaa Ciminaan Hojjachuu

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

Xumura barannoo kanaatti:

- barbaachisummaa aadaa ciminaan hojjechuu ni'ibsita;
- hojii kee ciminaan nihojjetta.

Gaaffii Hubannoo

Barattoonni kamiyyuu hojii hunda ciminaan hojjechuu qabu jettee yaaddaa? Maaliif?

Hojii hundumaa cimanii hojjachuutu barbaachisa. Haaluma kanaan barattoonni kaayyoo isaanii galmaan ga'achuuf, ciminaan qo'achuu qabu. Kunis, barattoonni ciminaan qo'atan yoo badhaafaman, kanneen ciminaan hinqo'anne garuu, kufuu danda'u. Badhaafamuun barattoota cimi-

naan qayyabatanii maatii isaaniis nigammachiisa. Kufaatiin isaanii immoo maatii isaanii gaddisiisa. Kanaafuu, barattoonni aadaa ciminaan qayyabachuu qabaachuutu irraa eegama.

Aadaa ciminaan hojjachuu qabaachuun daldaltoota, qonnaan bultoota, horsiisee bultootaafi hojjattoota mootummaa hunda irraa eegama.

Kunimmoo, hiyyummaa balleessuun saffisaan akka guddatan taasisa.

Dabalataanis, akka humna namaafi qabeenya birootti sirnaan fayyadaman taasisa. Kanaafuu, namni kamiyyuu ciminaan hojjachuu aadaa taasifachuu qaba.



Fakkii 2.3: Cimanii barachuun milkaa'ina fida

Gocha 2

1) Barbaachisummaan ciminaan hojjachuu maali?
2) Aadaa hojii cimaa qabaachuun eenyu fa'i fayyada?

2.3. Ibsitoota Aadaa Hojii Harattoota Ciccimoo

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

Xumura barannoo kanaatti:

- ibsitoota aadaa hojii barattootni ciccimoon qaban ni'ibsita;
- ibsitoota aadaa ciminaan hojjachuu hojiitti nihiikta.

Gaaffilee Hubannoo

- Ati ciminaan niqo'attaa? Maaliin ibsuu dandeessa?
- Barattoonni ciccimoon aadaa hojii akkamii qabu?
- Ati barattuu/barataa cimtuu/cimaadhaa? Maaliin ibsama?

Barattoonni ciccimoon aadaa hojii ittiin beekaman qabu. Isaan keessaa muraasni: karooraan qo'achuu, ciminaafi hanqina isaanii madaalaa deemuu, yeroo kabajuun mana barumsaatti argamuu, abbaltii yeroon xumuruu, sirriitti qo'achuufi kan kana fakkaatanidha. Kanamalees, hojii dareefi hojmanee hojjachuu, waan isaaniif hingalle gaafachuu, gaaffii gaafataman naamusaan deebisuu fa'i. Haalonni kunneen barattoonni amala gaarii akka horataniifi cimanii hojjechuun qabxii gaarii akka fidan taasisu.



Fakkii 2.5: Muuxannoo waliin qo'achuu gabbifachuu

Barattoonni ciccimoon, gahumsa barachuufi ogummaa isaanii daran gabbifachuuf carraaqu. Beekumsa, dandeettiifi ogummaa horatanis hojiitti hiiku. Akkasumas, dogoggora isaanii amanuun nifooyyeffatu. Kanaafuu hojiilee mana barumsaattis ta'e alatti hojjatan keessatti milkaa'oodha. Kun immoo, barattoonni hunduu muxannoo ciminaan hojjachuufi qo'achuu qabaachuun kan irraa eegamu ta'uu agarsiisa.

Walumaagalatti barattoonni ciccimoon:

- yeroo hundumaa sa'aatii kabajuun mana barumsaatti argamu;
- qabsiisa nifudhatu; abbaltii sirnaan hojjetu;
- hojmanee yeroon hojjetu;
- barnoota isaanii xiyyeeffannoon hordofu; wanta isaaniif hingalle nigaafatu;
- gumiiwwan keessatti dammaqinaan hirmaatu;
- barsiisota waliin hariiroo gaarii qabaatu;

- adeemsa barachuu keessatti dammaqinaan hirmaatu;
- yeroo hundumaa ciminaan qo'atu.

Gocha 3

Amaloonni barattoota ciccimoo maal fa'i?

2.4. Aadaa Dubbisuu

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

Xumura barannoo kanaatti:

- aadaan dubbisuu maal akka ta'e ni'ibsita;
- tooftaalee aadaa dubbisuu ittiin dagaagfatan nitarreessita;
- aadaa dubbisuu nihoratta.

Gaaffilee Hubannoo

- Dubbisuun maali?
- Ati kitaabilee adda addaa nidubbiftaa? Yoo nidubbista ta'e, kitaabilee akkamii dubbisuu filatta?

Dubbisuun adeemsa dubbistootni waan barreeffamerraa odeeffanoo fudhachuuti. Beekumsiifi odeeffannoon barreessitoonni kitaaba isaanii keessatti kuusan, adeemsa dubbisuutiin kan hubatamudha. Dubbisuun hojii altokkotti raawwatu osoo hintaane, gocha walitti fufinsaan namni gabbifataa deemudha. Kunimmoo, dubbistoonni akaakuu kitaaba dubbasaniifi tooftaalee dubbisuu adda baafachuudhaan caalaatti galma ga'a. Sababni isaa, kitaabileen kaayyoo adda addaaf barraa'u waan ta'eef, kaayyoo irratti hundaa'uun dubbisuu barbaachisa.



Fakkii 2.6: Aadaa dubbisuu gabbifachuu

Dubbisuun beekaa/beektuu nama taasisa. Akkasumas, tooftaa rakkoolee jireenya keessatti nama qunnaman ittiin furataniifi jireenya ofii qajeelfatan argamsiisa. Kanaafuu, aadaa dubbisuu dagaagfachuun barattoota hunda irraa eegama.

Malleen aadaa dubbisuu guddifachuuf gargaaran keessaa muraasni:

1. Sagantaa baafachuun dubbisuu

Barattoonni karoora qo'annaa baafachuun guyyaa guyyaan dubbisuu qabu. Akkasumas, yeroo boqonnaafi dubbisuuf mijataa ta'e adda baafachuun saganteeffatanii dubbisuu danda'u. Adeemsa kanaan qo'achuun amaleeffannaa dubbisaa akka gabbifatan nama taasisa.

2. Kitaabilee dabalataa dubbisuu

Barattoonni kitaabilee barnootaa qofa osoo hintaane, kitaabilee dabalataatis dubbisuu qabu. Kunimmoo, yeroo boqonnaa kan raawwatuufi beekumsa kitaaba barattootaa irraa argatan akka cimsataniif gargaara. Kanaaf, kitaabilee dabalataa hawwatoo, sadarkaa barnootaafi umrii isaanii waliin deemu filachuun dubbisuun barbaachisadha. Kitaabilee akkasii filachuun yoo rakkise ammoo, hiriyyoota, maatiifi barsiisota ofii deeggarsa gaafachuun gaariidha.

3. Gumii dubbisaa keessatti hirmaachuu

Miseensa gumii dubbisaa mana barumsichaa ta'uun, akka ati dubbisuuf ittigaafatamummaa fudhattu si taasisa. Dubbisuun beekumsaafi muxannoo ofii caalaatti akka gabbifatan waan taasisuuf, aadeeffachuun barbaachisadha. Barattoonni aadaa dubbisuu qaban qabxii barnootanis ta'ee, jireenya hawaasummaa keessatti milkaa'oodha. Kanaafuu, aadaa kitaaba dubbisuu qabaachuun jireenya barattootaa qajeelaa taasisa.

Barattoonni aadaa dubbisuu hinqabne garuu beekumsiifi muxannoon isaanii murtaa'aadha. Kanarraa kan ka'e, hojii manaa isaaniis ta'ee, qormaata hiriyoota isaanii irraa waraabuun barsiisotatti agarsiifachuu yaalu. Gochi akkasii safuu cabsuudha. Safuu cabsuun immoo, barattoota ciccimoo, barsiisotaafi hawaasa keessatti akka balaaleffataman isaan taasisa. Kanaaf, barattoonni hunduu aadaa dubbisuu horachuu qabu.

Gocha 4

1) Malleen aadaa dubbisuu gabbifachuuf gargaaran maal fa'i?
2) Faayidaan dubbisuu maali?
3) Umurii ijoollummaatti akkamitti aadaa dubbisuu guddifachuun danda'ama?

2.5. Maloota Aadaa Dubbisuu Gabbisan

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

Xumura barannoo kanaatti:

- Maloota dandeettii dubbisuu ittiin dagaagfatan nitarreesssita;
- Akkaataa dubbisuu bu'a-qabeessa taasisan adda baafata.

Gaaffii Hubannoo

Maloota dandeettii dubbisuu gabbisan maal fa'i?

Dandeettiin dubbisuu tooftaalee adda addaatiin dagaaga. Tooftaalee dubbisuu adda addaatti gargaaramuun ammoo, barattoonni akka gahumsaan dubbisan gargaara. Maloota dandeettii dubbisuu ittiin dagaag-fatan keessaa muraasni:

1. Kaayyoof dubbisuu

Barattootni kaayyoo adda addaatiif kitaaba dubbisu. Isaan keessaa inni ijoon qabiyyee barnootaa daree akka gaariitti hubachuudha. Kunis, hojii daree, hojii manaa, abbaltiifi qormaata hojjachuuf isaan fayyada.

2. Jechoota odeeffannoo kennan dubbisuu

Jechoonni barreeffama tokko keessatti argaman gariin odeeffannoo kennu. Gariin ammoo, tajaajila walqabsiisuufi fedhii dubbisuu kakaasuuf oolu. Kanaafuu, jechoota odeeffannoo yookiin hiikaa qabiyyee barreeffamichaa ibsan irratti xiyyeeffachuun dubbisuun barbaachisadha. Kun immoo, hubannoofi saffisni dubbisuu keenya akka dabalu taasisa.

3. Yaadannoo qabachuu

Yaadannoo qabachuun, waan dubbisan keessaa qabxiilee ijoo ta'an barreeffachuudha. Kunis, dafanii yaadachuufi qophii qormaataa taasisuuf nugargaara. Kanaafuu, aadaa dubbisuu gabbifachuuf yaadannoo qabachuun tarsiimo dubbisuu barattoonni hunduu horachuu qabanidha.

Dubbisa keenya bu'a-qabeessa taasisuuf:

1. Bakka ittidubbistu filachuu: kunis bakka ifti sirriin jiruufi naamusa qabu filachuun barbaachisaadha.
2. Yeroo dubbistu sagalee dhageessisuu dhiisuu
3. Kitaaba dubbisnuufi qabiyyee dubbisnu murteeffachuu (fakkeenya Kitaaba Safuu Kutaa 5ffaa Boqonnaa 1 Barbaachisummaa Ittigaafatamummaa Bahuu)
4. Dubbisuuf yeroo gahaa ta'e qabaachuu mirkaneeffachuufi kan kana fakkaatan

Gocha 5

1. Maloota aadaa dubbisuu gabbisan isaan kami?
2. Dubbisuu bu'a-qabeessa taasisuuf maal gochuu qabda?

Guduunfaa

Aadaa ciminaan hojjachuu qabaachuun lammiileen akka hiyyummaa keessaa bahaniifi guddina ariifachisaa fidan taasisa. Kana malees, akka qabeenyiifi humni namaa sirnaan hojiirra oolu godha. Kunimmoo, bakka hojii hundatti barbaachisaadha. Barattoonni hojii umurii isaanii waliin deemu hojjachuufi cimanii qo'achuutuu irraa eegama. Barattoonni hundi adeemsa barachuuf barsiisuu keessatti isaan milkeessu hordofuu qabu. Kunis, akka isaan jireenya isaanii gara fuul-duraaf ofqopheessan taasisa. Kanaafuu, aadaa ciminaan hojjachuu qabaachuun baay'ee barbaachisaadha.

Gaaffilee Keessa Deebii Boqonnichaa

Ajaja I: Himoota asiin gadii yoo sirrii ta'an 'dhugaa' yoo dogoggora ta'an immoo 'soba' jechuun deebisi.

1. Aadaa cimanii hojjachuu qabaachuun namoota hundarraa eegama.
2. Namootni cimanii hojjetan nimilkaa'u.
3. Cimanii hojjechuu dhiisuun safuu cabsuudha.
4. Jechoonni dubbisa tokko keessatti argaman odeeffannoo kennaniin walcaalu.
5. Aadaa dubbisuu dandeettiifi beekumsa namaa xiqqeessa.

Ajaja II: Gaaffilee asiin gadiif filannoowwan kennaman keessaa kan deebii sirrii ta'e qabate filadhu.

1. Aadaa ciminaan hojjechuu qabaachuun_____.

   A. hiyyeessa nama taasisa

   B. hiyyummaa hir'isa

   C. bu'a-qabeessa nama taasisa

   D. 'B'fi 'C'n deebiidha

2. Kanneen asiin gadii keessaa amala barattoota ciccimoo kan hintaanee kami?

   A. Yeroo hunda daree keessatti hirmaachuu
   B. Hojii manaa yeroo hunda hojjechuu
   C. Barnoota xiyyeeffannoon hordofuu
   D. Karooraan qo'achuu dhiisu

3. Amala dubbisuu horachuu ilaalchisee kanneen asiin gadii keessaa kamtu dogoggora?

   A. Guyyaa hunda yeroo dubbisaa qabaachuu
   B. Kitaabota caalaatti faayyadan dubbisuu
   C. Kitaaba bakka hundatti qabatanii deemuu
   D. Sagalee dhageessisaa dubbisuu

4. Ijoolleen umurii xiqqaa irraa jalqabanii aadaa hojii yoo baratan:

   A. Amala hojii ciminaan hojjachuun gonfachiisa
   B. Yeroo taphaa daa'immannii qisaasessa
   C. Akka daa'imman fedhii hojii dhaban taasisa
   D. Deebiin hinkennamne

Ajaja III: Bakka duwwaa guuti.

1. Yeroofi humna ofii hunda hojii murtaa'eef kennuun _____ jedhama.
2. Waan dubbisaan keessaa qabxii ijoo ta'aan fudhaachuun_____ jedhama.
3. Tarsiimolee aadaa dubbisuu gabbifachuuf gargaaran keessaa muraasni _____, _____fi_____dha.

BOQONNAA 3

Dandeettii Murtii Sirrii Kennuu

Seensa

Boqonnaan kun wa'ee dandeettii murtii sirrii kennuu barannoo shanitti qooduun dhiyeessa. Barannoowwan boqonnaa kanaas: yaadrimee murtii sirrii kennuu, amaloota dandeettii murtii sirrii kennuu, sadarkaalee murtii sirrii kennuu, barbaachisummaa murtii sirrii kennuufi danqaalee murtii sirrii kennuu fa'a.

Namoonni adda addaa guyyaa guyyaan dhimmoota garagaraa irratti murtii kennu. Haata'u malee, yeroo tokko tokko waan murteessan ofeeggannoodhaan ilaaluu dhiisuu malu. Kanaaf, dursa dandeettiiwwan akka rakkoolee addaan baasuu, yaada maddisiisuu, faayidaafi miidhaa xiinxaluu horachuu qabu. Sana booda, filannoo isaanii irratti hundaa'uun hojiirra oolchuu qabu.

Yaadrimeefi Jechoota Ijoo: *murtii kennuu, madaaluu, rakkoo, filannoo fooyya'aa, qajeelaa*

Bu'aalee barachuu barnoota boqonnichaa:


- yaadrimee murtii kennuu hubachuu;
- amaloota dandeettii murtii sirrii kennuuf fayyadan tarreessuu;
- murtii sababa irratti hundaa'eef iddoo guddaa kennuu;
- sadarkaalee murtii sirrii kennuu akkamitti akka hojiirra oolan agarsiisuu;
- wantoota dandeettii murtii sirrii kennuu danqan adda baafachuu.

3.1. Yaadrimee Murtii Sirrii Kennuu

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

Xumura barannoo kanaatti:

- jecha murtii jedhuuf hiika nikennita;
- faayidaa murtii sirrii kennuu nitarreessita;
- miidhaa murtii sirrii kennuu dhabuun fidu adda nibaasta.



Fakkii 3.1: Haala rakkisaa ta'e keessatti ittiyaadanii murteeffachuu

Gaaffilee Hubannoo

- Fakkii 3.1 irraa maal hubatte?
- Mee waan hubatte barreessi barattoota daree keef dubbisi.

Murtii sirriifi sababa-qabeessa ta'e kennuun naamusaafi dandeettii qabaachuu gaafata. Dandeettiin murtii sirrii kennuu ogummaa ijoo namni guddifachuu qabudha. Murtii kennuu jechuun filannoowwan baay'ee keessaa madaaluun filannoo barbaachisaa ta'e fudhachuun xumura irra ga'uudha.

Dandeettiin murtii sirrii kennuu kaayyookee galmaan gahuuf carraa siif kenna. Kunis, waan mana barumsaafi hawaasa keessaa baratte irratti hundaa'uun murtii sirrii akka kennituuf sigargaara. Kunimmoo, namoota murtii sirrii kennuun milka'aan keessatti akka ramadamtuufi hawaasaaf fakkeenya gaarii taatu sitaasisa.

Barattoonni odeeffannoo sirrii irratti hundaa'uun murtii sirrii kennan ittigaafatamummaa dhuunfaa, maatiifi hawaasa qaban akka haalaan ba'an taasisa.

Gocha 1

Ati osoo maatiikee waliin gabaa keessa deemaa jirtuu, dubartiin manguddoo taate tokko mucuccaattee kufte . Battaluma sanatti miilli ish-ee akka miidhame yoo hubatte gargaaruuf murtoo akkamii fudhata? Maaliif?

3.2. Dandeettii Murtii Sirrii Kennuu

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

Xumura barannoo kanaatti:

- dandeettii murtii sirrii kennuu nitarreessita;
- faayidaa dandeettii murtii sirrii kennuu adda nibaasta.

Gaaffilee Hubannoo

- Murtii kanaan dura murteessitee beektu tokko hiriyyoota keef qoodi?
- Murtiin kee sun sirrii moo dogoggora ture?
- Ija safuutiin yoo ilaaltu murtiin kee sirrii turee?

Murtii sirrii kennuu jechuun filannoowwan jiran keessaa adeemsa filannoo sirriifi fooyya'aa ta'e filachuu jechuudha. Murtii kenninu namoota dhimmicha keessa jiran hundaaf bu'aa gaarii kan argamsiisu yoo ta'e, murtii sirrii jennee waamna.

Dandeettiin murtii sirrii kennuu amaloota armaan gadii qaba.

1. Ittiyaaduu

Ogummaan murtii kennuu dandeettii filannoowwan lamaafi isaa ol ta'an keessaa kan caalaatti fudhatama qabuufi sirrii ta'e fudhachuudha. Adeemsa murtii sirrii kennuu keessatti filannoo gaariifi gadhee madaaluuf sammuun namaa haala tasgabbaa'aa keessa jiraachuu qaba. Namni tokko dhimma ta'e tokkoof filannoo kamtu akka mijatu ittiyaadee murteessuu qaba.

2. Sababeessuu

Sababeessuu jechuun yaada amansiisaafi dhugaa ykn qabatamaa ta'e dhiyeessuudha. Sababeessuun ogummaa murtii sirrii kennuu danda'uu keessaa isa ijoodha. Rakkoo adda baasuun sababoota murtii keenya irratti dhiibbaa geessisan beekuun furmaata barbaaduu ofkeessaa qaba. Kanaafuu, yommuu murtii kennitu faayidaafi miidhaa tarkaanfii fudhattuu yaaduu qabda. Yoo kana gochuu dandeesse, rakkoo amma simudateef murtii sirrii kennuufi gara fuulduraallee sirriitti karoorfachuudhaaf sigargaara.

3. Murtii Madaalawaa Kennuu

Qordhimma 3.1

Dur dur waraabessaafi leencatu ollaa walii jiraataa turan. Waraabessi sa'a tokko qaba. Leenci ammoo, sangaa tokko qaba ture. Horii isaaniis dabareen waliin tikfatu. Gaafa dabaree leencaa sa'aan waraabessaa dhalte. Leenci garuu dilluu sa'aa dugda sangaa isaa irra kaa'ee galche. Akkuma galeen, kunoo sangaan koo waatii naaf dhale! jedhee waraabessatti hime. Waraabessi dubbiin bitaa ittigalee jennaan, Sa'a kootu dhale malee sangaan akkamitti dhala? jedheen. Leenci garuu, "sanguma kootu dhale." jechuun cichee falme. Dubbii kana jaarsi akka ilaaluuf waliigalanii, bineensota bosonaa hundaa waammatan. Qamalee malee bineensonni hunduu ganamaan yaa'anii qe'ee leencaatti walgahan. Erga waraabessaafi leenca irraa yaada jiru fudhataniin booda hundi isaanii, sanguma leencaatu dhale jedhanii murteessan.

Haata'umalee, qamaleen barfattee dhufte. Yeroo kana leenci, qamuu,

maaliif barfattee dhufte? jedhee itti dheekkame. Isheenis, muka gubbaa ol baatee, Na hoffolchaa! Lafatu baqaqee jennaan hodhaa tureen dhufe jetteen. Leenci qoosaa ishee kanatti akka malee aaree, lafti baqaqe hodhamee beekaa? jedheen. Qamuunis deebistee, sangaan immoo yoom waatii dhalee beekaa!" jettee deebisteef. Leencichi, murtee isheetti aaruun qamalee qabuuf jecha muka koruuf osoo yaaluu, kufee dugdaa cite. Bineensonnis, ejjennoofi cichoomina qamuun dhugaaf qabdu akka malee dinqisiifatan. Dhumarratti, leenca sodaatanii dhugaa jallisuu isaaniitti hedduu gadduun waraabessa dhiifama gaafatan jedhama.

Gocha 2

1. Durdurii olii keessatti murtii bifa meeqatu dhiyaate?
2. Bineensonni maalirra ka'uun murtii sana kennan?
3. Osoo si ta'e murtii kam kennita? Maalif?
4. Dandeettii murtii sirrii kennuu durduricha keessatti hubatte ibsi.

3.3. Sadarkaalee Murtii Sirrii Kennuu

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

Xumura barannoo kanaatti:

- sadarkaalee murtii sirrii kennuu nitarreessita;
- miidhaa murtii sirrii kennuu dhabuu adda nibaasta.

Adeemsi murtii sirrii kennuu sadarkaalee shan keessa darbuun hojiirra oola.

Sadarkaa 1ffaa: Rakkoo jiru adda baasuu

Adeemsa murtii sirrii kennuu keessaa kan jalqabaa rakkoo adda baasuudha. Rakkoo adda baasuuf malleen gargaaran keessaa tokko, ragaalee barbaachisaa ta'an walitti qabachuudha. Sana booda, ragaalee walitti qabaman karaa ofeeggannoo qabuun calaluudha. Kunimmoo, hundee rakkoo sanaa adda baafachuun walitti dhufeenya rakkoofi sababa gidduu jiru xiinxaluun murtii sirrii murteessuuf gargaara.

Sadarkaa 1ffaa: Rakkoo Jiru Adda Baasuu:

- Murtii sirrii kennuuf maaltu adda bahuu akka qabu hubachuu
- Filannoo hundarra gaarii ta'e filachuuf rakkoon jiru maal akka ta'e sirriitti beekuu.
- Erga rakkoo adda baafattee booda, karaalee rakkoon simudate furuu dandeessu yaaduu jalqabuu qabda.



Fakkii 3.2: Barattoota hojimanee osoo hinhojjetiin daree seennanii jeeqamaa jiran

Gocha 3

Barattoota itti barfatee ciree isaanii osoo hin nyaatin muddamanii asiif achi fiigantu jiru. Maddi rakkoo barattoota kanaa maali jettee yaadda?

Sadarkaa 2ffaa: Filannoo Fooyya'aa Filachuu

Filannoowwan jiran hunda tarreessi. Gaaffilee asiin gadii gaafachuun filannoowwan kee madaaluuf sigargaaruu danda'u.

- Gaarummaa qabaa?
- Nama miidhaa?
- Haqa-qabeessaa?
- Amanamummaa qabaa?
- Kaayyoo waliin kan walsimuudhaa?

Yeroo tokko tokko filannoowwan fooyya'aa ta'an adda baafachuuf odeeffannoo dabalataa argachuun sibarbaachisuu danda'a.

Waan ati gochuu qabdu:

- waa'ee rakkoo kanaa caalaatti baruu;
- miseensa maatii amanamaa irraa gorsa gaafachuu;
- Kitaabota, toora interneetii yookiin namoota biroo irraa odeeffannoo barbaaduu;
- rakkinicha ilaalchisee namoota birootti maaltu akka ittidhaga'amu yaaduu.

Yeroo odeeffannoo walitti qabdu, filannoowwan tokko tokko argachuu dandeessa. Murtii sirriifi bu'a qabeessa ta'e kennuuf filannoowwan ta'uu danda'an hunda tarreessuun isa foooyya'aa ta'e filachuu qabda.

Sadarkaa 3ffaa: Bu'aa Dhufuu Danda'u Adda Baafachuu

Murtiin kennamu kamiyyuu bu'aa gaariifi hamaa qabaachuu danda'a. Murtii kennuu keessatti wanti akka bu'aatti ilaalamu taatee erga murtiin kennamee booda uumamuu danda'uudha. Bu'aan kun immoo, gaariifi hamaa ta'uu danda'a. Bu'aa gaariin murtee sirrii ta'e kennuurraa kan argamu yoo ta'u bu'aan hamaan immoo, murtii sirriifi haq-qabeessa ta'e kennuu dhabuurraa kan maddu. Kanaafuu, murtii sirrii kennuu keessatti bu'aa gaariifi hamaa ta'uu danda'u adda baasuunidha. Kunimmoo, barattoonni murtii kennuuf ariifachuu dura bu'aa murtii sana booda dhufuu danda'u yaada keessa galchuuf nama gargaara.

Gaaffiiwwan armaan gadii bu'aafi miidha murtii keenyaa adda baasuuf nu gargaaru.

1. Filannoon sun miidhaa moo faayidaa qaba?
2. Filannoon kun namoota biroo irratti miidhaa akkamii geessisa?
3. Filannoon kun duudhaa hawaasaa nideeggaraa?
4. Filannoon kun galmakoo irratti dhiibbaa akkamii geessisa?
5. Murtiin koo bu'uura seeraa qabaa?

Sadarkaa 4ffaa: Murtii Kennuufi Hojiirra Oolmaa Hordofuu

Murtii sirrii ta'e kennuuf, odeeffannoowwan hunda madaaluun barbaachisaadha. Akkasumas, filannoowwan jiran keessaa kan hunda caalu filachuufi qindeessuun murteessaadha. Hojiirra oolmaan murtii haala kanaan kenname hordofamaa deemuu qaba. Wanti hordofamu immoo, faayidaafi miidhaa murtichaa akkasumas dhiibbaa murtichi gama duudhaa hawaasaan qabuufi kan kana fakkaatan ta'uu danda'a.

Sadarkaaa 5ffaa: Murtiikee Irra Deebi'uun Madaaluu

Murtii sirrii kennuu keessatti, sadarkaan dhumaa bu'aa murtii keetii madaaluudha. Kunis, rakkoo dura adda baafatte furuufi furuu dhiisuu madaaluudha. Murtiin kenname rakkoo adda baafame kan hin-furre yoo ta'e, tarkaanfiiwwan murtii haaraa murteessuuf fudhatamuu qaban adda baafachuu qabda. Kunimmoo, murtii kenname yeroo fudhattee xiinxaluufi bu'aa murtii sanaa madaaluun barbaachisaa ta'uu agarsiisa. Murtiikee irra deebi'uun madaaluu keessatti, gaaffiileen deebii argachuu qaban nijiru.

Fakkeenyaaf,

1. Murtiin ani murteesse maal ture?
2. Maalifan filannookoo kana taasifadhe?
3. Murtiin ani murteesse nihojjetaa?
4. Maaliif hintaane?
5. Murtiin kun nageenyakoo irratti dhiibbaa akkamii qabaachuu danda'a?

Qordhimma:

Boonsaan barataa kutaa shaniiti. Guyyaa tokko waan qalamni jalaa badeef, warrasaa maallaqa gaafannaan kennaniif. Hiriyaan isaa Fedhasaan immoo maallaqa kanaan buskuta nuuf biti jedhee gaafate. Haata'u malee, Boonsaan dafee hinmurteessine. Qalama osoo hinbitatiin yoo hafe maatiin akka itti dheekkamuu malan yaade. Dhumarrattis, buskuticha bituu akka hinqabne murteesse. Fedhasaan garuu yaada kanatti hingammanne.

Gocha 4

Qordhimma dubbiste irratti hundaa'uun gaaffilee itti aanan deebisi.

1. Boonsaan murtii akkamii murteesse??
2. Boonsaan maaliif filannoo kana taasifate?
3. Murtiin Boonsaan murteesse sirriidhaa? Akkamitti?
4. Murtiin Fedhasaa hoo?

Adeemsa Murtii Kennuu keessatti qabxiilee asiin gadiitiif xiyyeeffannoo kennuun barbaachisaadha.

Sadarkaa 1ffaa: Murtii kennamuu qabu adda baasuu keessatti

1. Murtiin murtaa'uu qabu maali?
2. Haala kamiin murtaa'uu qaba?
3. Barbaachisummaan murtiin kun qabu maali?
4. Haalli kun adeemsa murtee kennuutti fayyadamuu nagaafataa?
5. Murtii kana kophaakoo murteessuu nan danda'a moo gargaarsa nama nabarbaachisa?
6. Murtiin kun jireenya koo irratti dhiibbaa akkamii geessisa?

Sadarkaa 2ffaa: Filannoowwan ta'uu danda'an sammuutti qabachuu

Sadarkaa 3ffaa: Bu'aa ta'uu danda'u adda baasuu

Filannookee Bu'aa murtoo keetii Miidhaa murtoon kee fiduu danda'u

Sadarkaa 4ffaa: Murtee kennuufi hordofuu keessatti

Ulaagaalee armaan gadii ilaaluun, tokkoo tokkoon gaaffii waa'ee filannoo filattee deebisi. Gaaffiiwwan kamiif iyyuu lakki jettee yoo deebiste, sana booda filannookee irra deebitee madaaluu qabda.

1. Filannoon jiru sirriidhaa? (Eyyee/Lakki)
2. Murtiin kun ana waliin nideemaa? (Eyyee/Lakki)
3. Murtiin kun namoota biroof faayidaa qabaa? (Eyyee/Lakki)
4. Filannoon kun galma koo niguddisaa? (Eyyee/Lakki)
5. Murtiin kun seeraqabeessaa? (Eyyee/Lakki)

Sadarkaa 5ffaa: Murtii murtaa'e xiinxaluufi bu'aa isaa madaalu

1. Ani maaliif gocha kana filadhe?
2. Murtiin ani fudhe nihojjetaa? Akkamitti? Yoo hin hojjetu ta'e, maaliif?
3. Murtiin kun jireenya koo irratti dhiibbaa akkamii geessisa?
4. Murtii kana irra deebi'ee nan raawwadhaa?

3.4. Barbaachisummaa Murtii Sirrii Kennuu

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

Xumura barannoo kanaatti:

- barbaachisummaa murtii sirrii kennuu nitarreessita;
- miidhaa murtii sirrii kennuu dhabuu adda nibaafta.

Murtii sirrii murteessuun ogummaa barbaachisaa umurii hunda keessatti barachuu qabdudha. Warrikee akka ati guddattee lammii gaarii ofdanda'uufi ittigaafatamummaa qabu taatu barbaadu. Sababni isaas, jiruufi jireenyi namoota murtii sirrii murteessanii kanneen murtii sirrii murteessuu hindandeenye caalaa milkaa'aadha. Kanaafuu, akkuma ofdanda'aa deemteen murtii sirrii murteessuu barachaa deemuu qabda. Kunis murtii sirrii laachuun rakkoo furaa deemuun jireenyakee keessatti akka ati milkooftu sitaasisa.




Figure 3.3 Filannoowwan jiran xinxaaluun murtii sirrii murteessuu

Gocha 5

Suura asiin olii kanarraa maal barattu? lama lama ta'aa mari'adhaa.

1. Murtii tokko murteessuu dura ittiyaaduu qabna jettee yaaddaa?
2. Muirtii tokko isa biraa caalaa barbaachisaa kan taasisu maali?

Murtii sirrii ta'e kennuun jireenyakee keessatti gahee guddaa qaba. Kunis, murtii dogoggoraa kennuufi balaaf saaxilamuu irraa si eega. Murtii sirrii yookiin safuu hineegne dabarsuun namoota irratti dhiibbaa qaba. Kanaafuu, dandeettii murtii sirri kennuu barachuun baay'ee barbaachisaadha. Sababni isaa, murtii dogoggoraafi miiraan guuttame kennuurraa si oolcha. Akkasumas, humnaafi yeroo kee akka hinqisaasamneef sigargaara.

3.5. Danqaalee Murtii Sirrii Kennuu

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

Xumura barannoo kanaatti:

- wantoota murtii sirrii kennuu danqan ni'ibsita;
- murtii sirrii kennuu keessatti wantoota danqaa sitti ta'an irraa ofeegda.

Murtee sirrii kennuu keessatti, filannoo sirrii filachuu danda'uun dhimma murteessaadha.

Kanneen asiin gadiitti tarreeffaman danqaalee yeroo adeemsa murtii sirrii kennuu simudachuu danda'an keessaa muraasa. Isaanis:

1. **Ilaalcha namni ofiif qabu:** Akkaataa namni tokko adeemsa murtii sirrii kennuu keessatti itti ofilaalu, murtee sirrii ta'e kennuu keessatti dhiibbaa qaba. Namoonni tokko tokko 'anumatu beeka;

murtiin ani kennu yeroo hundumaa sirriidha' jechuun ofitti amanamummaan isaanii daangaa ol ta'a. Yeroo tokko tokko immoo, faallaa kanaa ofitti amanamummaa isaaniitu hangaa gadi ta'a. Ilaalchi akkasii immoo murtee sirrii kennuu keessatti gufuudha.

2. **Namoonni biroo maal naan jedhuu:** murtii sirrii ta'e kennuu keessatti, yoon kana murteesse, namoonni biroo maal naan jechuu danda'u jedhanii yaadda'u. Maal naan jedhuun waan tokko irratti murtii sirrii akka hinkennine nama danqa.
3. **Dhiibbaa hiriyyaa**: yommuu murtii laannu hiriyyoonni kiyya maal naan jedhu jedhanii yaadda'uudha. Kana jechuun, dhiibbaa hiriyyoonni keenya nurraan ga'uu danda'an yaadaafi yaadda'aa murtii kennuu jechuudha. Kunimmoo, murtii sirrii kennuu keessatti dhiibbaa qaba.
4. **Fedhii Maatii:** maatiin daa'imman isaanii irraa waan eegan qabu. Daa'immanis, waan maatiin isaan irraa eegan nibeeku. Haata'umalee, gocha raawwatan kamiyyuu keessatti murtii kennuuf waan maatiin isaanii irraa eegan yaadu. Kunimmoo, murtii sirrii kennuu keessatti danqaa isaanitti ta'a. Fakkeenyaaf, sadarkaa barnootaa ati irra ga'uu maltu hawwii isaan qaban murtiikee irratti dhiibbaa uuma.
5. **Dhiibbaa Hawaasaa**: namni hawaasa waliin jiraata. Waliin jireenya hawaasaa keessatti ammoo utubaan safuu hawaasa sanaati. Kunimmoo, hawaasicha waliin jiraachuuf safuu hawaasa sanaa eeguun akka barbaachisu dirqisiisa. Kanairraa kan ka'e, gochaa murtii barbaadu tokko keessatti, 'yoon akkas jedhe hawaasni maal naan jedha' jedhanii yaadu. Yaaddoon kun immoo murtii sirrii kennuu irratti dhiibbaa uumuu danda'a.
6. **Ga'umsa odeeffannoo:** murtii tokko kennuuf odeeffannoon ykn ragaan murteessaadha. Odeeffaannoon kun ammoo guutuu ta'uufi

dhiisuu danda'a. Ragaa ga'aa ta'e irratti hundaa'anii waa murteessuun, murtii kennamu sirrii taasisa. Kana ta'uu baannaan sirrummaan murtii kennamuu yaaddessaa ta'a. Kanaaf, odeeffannoon gahaa hintaane murtii sirrii ta'e kennuu irratti dhiibbaa qaba.

7. **Odeeffannoo yaada keenya deeggaruuf caalmaa kennuu**: murtii kennuu keessatti wantoonni lama ittiyaadamuu qabu. Tokko, ragaa dhimma murtiin irratti kennamuuti. Lama, fedhii namoonni murtii kennamu irraa qabanidha. Kana jechuun, odeeffannoo murtii sirrii kennuuf gargaaruufi odeeffannoo murtii sirrii hintaane kan fedhii keenya qofa giddugaleeffate fudhannee murtii kennuun dhiibbaa qabaachuu agarsiisa.

Gocha 6

Wantoota adeemsa murtii sirrii kennuu danqan keessaa muraasa isaanii barreessi.

Guduunfaa

Murtii kennuu jechuun filannoowwan baay'ee keessaa kan madaalawaafi barbaachisaa ta'e fudhachuun xumura irra gahuudha. Murtii sirriifi sababa qabeessa ta'e kennuun immoo naamusaafi dandeettii qabaachuu gaafata. Dabalataa murtii sirrii kennuun amaloota bu'uuraa kanneen akka ittiyaaduu, sababeessuufi murtii madaalawaa kennuu jedhaman ofkeessaa qaba. Murtii murteessuun ogummaa barbaachisaa umurii hunda keessatti baratamuu qabuudha. Adeemsa murtii sirrii kennuu keessatti hudhaaleen nu qunnamuu danda'u. Danqaaleen kunnneenis kan akka ilaalcha namni ofii qabu, fedhii maatii, dhiibbaa hiriyaafi kan kana fakkataniidha.

Gaaffilee Keessa Deebii Boqonnichaa

Haalota murtee sirrii kennuu barbaachisan gadii sirriitti dubbisuun garee hojjechuun murtii sirrii kennaa.

1. Hiriyyootakee waliin kubbaa miilaa taphachaa jirta. Akka tasaa taphattoota keessaa tokko dirree irratti nikufa. Kan ofwallaalee fakkaata, garuu ammallee hafuura baafachaa jira.

   - Murtii akkamii kennita?
   - Murtiin kee sirrii turee? Maaliif?

2. Barsiisaan/tuun keessan hojii manaa isiniif kennee; hiriyyaan kee waan hin hojjetiniif, kan ati hojjetterraa sirraa garagalfachuu barbaadee jira.

   - Murtii akkamii kennuuf deemta?
   - Murtiin kee sirrii turee? Maaliif?

3. TV osoo ilaalaa jirtuu gidduutti mana fincaanii deemtee yommuu deebitu, chaanaalii ati ilaaluuf fedhii guddaa qabdu sana obboleessi kee xiqqaan jijjiiree si eege.

   - Murtii akkamii fudhachuuf deemta?
   - Murtiin kee sirrii turee? Maaliif?

4. Ati qo'achuu barbaadda. Hiriyoonnikee garuu, siwaliin kubbaa mii-la taphachuu barbaadu.

   - Murtii akkamii fudhachuuf deemta?
   - Murtiin kee sirrii turee? Maaliif?

5. Otoo gara mana barumsaa deemaa jirtuu boorsaa lafaa argatte.

   Hiriyaan kee callisii fudhadhu siin jedhe.

   - Murtii akkamii murteessuuf deemta?
   - Murtiin kee safuu eeggate turee? Maaliif?

BOQONNAA 4

Kunuunsa Naannoo

Seensa

Kutaa kana keessatti maalummaa kunuunsa naannoo, faayidaawwan naannoo kunuunsuu, karaalee naannoo kunuunsuun danda'amuufi miidhaa naannoo kunuunsuu dhabuun dhaqabuu malu baratta.

Yaadrimeefi Jechoota Ijoo: *naannoo, kunuunsa, miidhaa, faalama,*

Bu'aalee barachuu barnoota boqonnichaa:

- maalummaa naannoo kunuunsuu adda baafachuu;
- bu'aa naannoo kunuunsuu irraa argamu dinqisiifachuu;
- karaalee naannoo kunuunsuun danda'amu ibsuu;
- miidhaa naannoo kunuunsuu dhabuun fidu tarreessuu.

4.1. Maalummaa Naannoo

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

Xumura barannoo kanaatti:

- maalummaa naannoo ni'ibsita.

Gaaffilee Hubannoo

Naannoo jechuun maal jechuudha?

Wantoota nannoo keessatti hammataman tarreessi?

Naannoo jechuun wantoota iddoo jireenya keenyaatti argaman jechuudha. Kanarraa ka'uun, naannoon sirna wantoota hunda ofkeessatti hammatedha. Naannoon wantoota jiraachuuf nu barbaachisan hunda qaba. Kanaafuu, yoo sirriitti naannoo keenya kunuunsine, wantoota nu barbaachisan ittifufinsaan argachuu dandeenya.

Gocha 1

Naannoo keenyarra faayidaa akkamii arganna?

4.2. Maalummaa Kunuunsa Naannoo

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

Xumura barannoo kanaatti:

- naannoo keenya akkamitti kunuunsuu akka dandeenyu ni'ibsita;
- jaalala naannoo keef qabdu ni'argisiista.

Gaaffilee Hubannoo

Naannoo keenya akkamitti kunuunsuu dandeenya?

Naannoo kunuunsuun qabeenya naannoo keenyatti argaman tiksuufi bakka jireenya keenyaa mijataa taasisuudha. Kunimmoo, qabeenya uumamaa naannawa keenyatti argaman kan akka laggeen, bosonaafi bineensota bosonaa kunuunsuufi haalaan fayyadamuun ibsama. Fakkeenyaaf, biqiltuu dhaabuu, balfa bakka arginetti gatuu dhiisuufi bineensota bosonaa kunuunsuu fa'a.

Oromoon kunuunsa naannoo irratti falaasamaafi seera mataa isaa qaba. Hojii kunuunsa naannoof bakka guddaa kenna; nisafeeffatas.

Fakkeenyaaf, Oromoon muka ol adeemaa hinmuru. Yoo muruun barbaachise illee bakka muka muramee dachaan dhaaba. Akka falaasama Oromootti, bosonni ykn mukni gaaddisa. Gaaddisni qabbana; nageenyas. Sa'a namatu jalatti aara galfata; jila adda addaatu jalatti raawwata. Kan waldhabes achitti araarama. Kanaafuu,bosona naannoo keenyaa kunuunsuuf waan dandeenyu hunda gochuu qabna.

Akkasumas, maddi bishaanii sababa kamiinuu akka hingogne kunuunfamuu qaba. Sababni isaa bishaan jireenya namaa, bineensotafi umama biroof murteessaa waan ta'eefidha. Haala kanaan, qabeenya naannoo kunuuunsuun dhaloota egeree naannoo mijataa ta'e dhaalchisuu keessatti shoora gudda taphata. Kanaafuu naannoo keenya kunuunsuun safuu uumaafi uumamaa eeguu waan ta'eef dirqama hunda keenyaati.





Fakkii 4.1 Naannoo kunuunsamee miidhage

Gocha 2

1. Naannoo kunuunsuu jechuun maal jechuu dha?
2. Duudhaa Oromoon kunuunsa naannoo irratti qabu ibsi.

4.3. Barbaachisummaa Kunuunsa Naannoo

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

Xumura barannoo kanaatti:

- barbaachisummaa naannoo kunuunsuun qabu adda baafatta;
- bu'aa naannoo kunuunsuun qabu nitarreessita.

Gaaffii Hubannoo

- Faayidaa naannoo kunuunsuu keessaa muraasa himuu dandeessaa?

Naannoon keenya wantoota jireenya dhala namaa barbaachisan ofkeessaa qaba. Fakkeenyaaf, wanta nyaannu, dhugnu, uffannu, qilleensi nuti fudhanuufi manni keessa jiraannu hundi naannoo irraa argama. Gochootni nuti naannoo irratti raawwannu namaafi wantoota naannoo keessa jiraatan rakkoo keesssa galchuu danda'a. Kanaaf, qunnamtiin nuti naannoo wajjiin qabnu kan naannoo irratti dhiibbaa hinuumne ta'uu barbaachisa.

Faayidaawwan naannoo kunuunsuun qabu keessaa muraasni:

- naannoo keenya jireenyaaf mijeeffachuuf;
- soorataafi dawoo lubbu-qabeeyyii ta'uuf;
- lubbu-qabeeyyii dhumaatii irraa eeguu.

A) Naannoo keenya jireenyaaf mijeeffachuuf

Naannoo kunuunsuun mataa ofiif eegumsa gochuudha. Fakkeenyaaf, bishaan naannoo keenya jiru yoo faalle bishaan qulqulluu argachuu hindandeenyu. Akkasumas, bosona yoo cirre; roobaafi qabbana dhabnee hongeen miidhamuu dandeenya. Kanaafuu, yoo of jaallanna ta'e, naannoo keenya kunuunsuun dirqama ta'a. Oromoon "Yoo uumama eegan, seerri uumaa qajeela" akkuma jedhu, yoo haalaan naannoo keenya kunuunsine, haalli qilleensa baramaa madaala isaa eegee jiraata. Fakkeenyaaf, roobni waktii isaa eegee rooba.



Fakkii 4.2 Biqiltuu dhaabuun naannoo kunuunsuu

B) Sooratafi dawoo lubbu-qabeeyyii ta'uu

Bineeldonni soorataafi dawoo bosona irraa waan ta'eef, argatu bosona kunuunsuun barbaachisaadha

Wantootni jireenya namaaf murteessaa ta'an kanneen akka nyaataa, mana jireenyaafi qilleensaa naannoo keenya irraa arganna. Kanaafuu, naannoo kunuunsuun aadaafi safuu uummata Oromoo waan ta'eef dirqama keenya.

C) Lubbu-qabeeyyii dhumaatii irraa eeguuf

Naannoo kunuunsuu yoo dhiisne,wantootni lubbu-qabeeyyiif barbachisaan baduun, dhumaatii lubbu-qabeeyyiif sababa ta'uu danda'a. Keessattuu bineensotaafi biqiloota sanyiin isaanii lakkoofsaan xiqqaa ta'an salphaatti lafarraa baduu danda'u. Kanaafuu, lubbu-qabeeyyii badiisa irraa eeguuf naannoo kunuunsuun barbaachisaadha.

Gocha 3

1. Naannoo kunuunsuun maaliif barbaachise?
2. Faayidaa naannoo kunuunsuun qabu maal fa'i? Tarreessi!

4.4 Karaalee Naannoo ittiin Kunuunsinu

Ga'umsa barachuu barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

Xumura barannoo kanaatti:

- karaalee naannoo ittiin kunuunsan nitarreessita.

Gaaffilee Hubannoo

- Karaalee naannookee ittiin kunuunsitu himuu dandeessaa?

Karaalee naannoo ittiin kunuunsinu keessaa muraasni:

a. Balfa to'achuu

Balfa naannoo keenyaa to'achuu jechuun balfa jajjaboofi dhangala'oo adda baasnee qofaatti bakka qopheessuun gatuufi gubuu jechuudha. Balfa dhabamsiisuun kuufama balfaa xiqqeesuu bira darbee, faalamni qilleensaa akka xiqqaatu taasisa.

b. Bishaan kunuunsuu

Maddoota bishaaniis ta'e kan ujummoon raabsamu dhufu kunuunfamuu qaba. Maddi bishaanii mukaafi, dhagaa itti gatuun safuu cabsuudha. Bishaan ujummoon dhufus utuu hinqisaasessin itti fayyadamuu qabna.

c. Maddoota anniisaa naannoo hinfaalle fayyadamuu.

Maddoota annisaa naannoo hinfaalle kanneen jedhaman keessaa muraasni:

- qoraaniifi cileen/kasalli aara summaa'aa maddisiisuun naannoo waan faalaniif bakka isaanii humna elektirikaa fayyadamuu barbaachisa.
- konkolaataafis bakka gaazii faayadamnu hunma elektirikaa

fayyadamuufi kan kana fakkaatan.

Kanaafuu, anniisaa naannoo hinfaalle kanneen akka humna ibsaa, aduufi qilleensaa fayyadamuuf carraaquu qabna. Haala kanaan, dhaloota dhufuuf wabii egeree taana.

d. Keemikaalota naannoo faalan hir'isuu

Qonna keessatti keemikaalota baay'ee yoo fayyadamne keemikaalli sun biyyeefi bishaan keessatti xuuxamuun lafa gogsuu danda'u. Akkasumas, keemikaalonni kun bishaanitti yoo makamanis biqiltoota, bineensotaafi nama irratti dhiibbaa hamaa geessisuu danda'u. Kanaafuu, qonna keessatti xaa'oo uumamaa kan akka dikee horii fayyadamuufi bishaanis keemikaalotaan akka hinfaalamne ofeeggannoo gochuu qabna.

Gocha 4

1. Karaaleen naannoo ittiin kunuunsuu dandeenyu maal fa'a?
2. Bishaan kunuunsuun maaliif barbaachise jettee yaadda?

4.5 Miidhaa Naannoo Kunuunsuu Dhabuu

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

Xumura barannoo kanaatti:

- miidhaa naannoo kunuunsuu dhabuu irraa maddan adda nibaafatta;
- miidhaalee naannoo kunuunsuu dhiisuun fidu nitarreessita.

Gaaffii Hubannoo

 Naannoo kunuunsuu dhabuun miidhaa akkamii fiduu danda'a jettee yaadda?


Miidhaawwan naannoo kunuunsuu dhabuurraa maddan keessaa muraasni:

a. Hanqina Bishaanii

Naannoo keenyaa kunuunsuu dhabuun faalamaafi mancaatii naannoo fida. Fakkeenyaa madda bishaanii yoo faalle, bishaan qulqulluu aragachuun rakkisaa ta'a. Bishaan wanta lubbuu qabeeyyii hundaaf murteessaa ta'eefi isa malee jiraachuu rakkisaadha. Kanaafuu, naannoo keenya kunuunsuun akka hnqinni bishaanii hinmudanne gochuun barbaachisaadha.

b. Faalama qilleensaa

Konkolaataafi warshaaleen adda addaa gaasii naannootti gadhiisuun naannoo faalu. Faalamni qilleensaa wantoota fayyaa namaa miidhan keessaa isa duraati. Kanamalees, faalamni qilleensaa ho'inni addunyaa akka dabalu taasisa. Ho'i dabaluun immoo, kun immoo jijjiirama haala qilleensaa fida.



Fakkii 4.3 Faalama qilleensaa

c. Hanqina Nyaataa

Bosona ciruufi albuuda baasuun hojiiwwan qulqullina biyyee gadi buusan keessaa isa tokkodha. Qulqullinni biyyee hir'achuun oomishni nyaataaf ta'u xiqqaachuu fida. Manca'insi biyyee oomisha nyaataa keessatti dhiibbaa guddaa waan qabuuf, sababa hanqina nyaataa ta'uu danda'a. Ciramuun bosonaas hamma rooba nuti argachuu qabnu xiqqeessuun baay'ina oomisha nyaataa hir'isa.

d. Dhumaatii sanyii lubbu-qabeeyyii

Naannoo keenya kunuunsuu yoo dhiisne, taateewwan uumamuu malan keessaa tokko dhumaatii sanyii lubbu-qabeeyyii adda addaati. Dhumaatiin

sanyii lubbu-qabeeyyii kun immoo jireenya keessatti wantoota barbaachisoo ta'an akka hinarganne nutaasisa. Fakkeenyaaf, biqiltoonni qorichaaf oolan tokko tokko baduu danda'u. Kun immoo nuuf miidhaa guddaadha. Akkasumas, biqiltoonniifi bineensotni adda addaa kanaan dura beeknu yoo badan miidhaginni naannoo keenyaa nihir'ata.



Fakkii 4.4 Dhumaatii beeyiladootaa

Gocha 5

1. Miidhaaleen naannoo kunuunsuu dhabuurraa maddan maal fa'i?
2. Naannoon keenya yoo faalame eenyufaa miidha?

Guduunfaa

Naannoo kunuunsuun bakka jireenyaa keenya mijataa taasisuuf biqiltuu dhaabuu, balfa bakka arginetti gatuu dhiisuufi bineensota bosonaa kunuunsuudha.

Naannoo kunuunsuun faayidaa hedduu qaba. Kanniin keessaa muraasni, jireenyaaf mijataa taasisuuf, soorataafi dawoo lubbu-qabeeyyii ta'uuf, lubbu-qabeeyyii dhumaatii irraa eeguufi waan kana fakkaataniif nu gargaara.

Yoo naannoo keenya kunuunsuu dhiisne, miidhaa hedduuf saaxilamuu dandeenya. Miidhaa naannoo kunuunsuu dhiisuun dhufanis hanqina roobaa, faalama qilleensaa, hanqina nyaataafi dhumaatii lubbu-qabeeyyii fa'i.

Gaaffilee Keessa Deebii Boqonnichaa

Ajaja I: Himoota asiin gadii yoo sirrii ta'e Dhugaa yoo dogoggora ta'e immoo, Soba jechuun deebisi.

1. Dhalli namaa hundi naannoo isaa kunuunsuuf dirqama safuu qaba.
2. Naannoo keenya kunuunsuu dhiisuun hanqina nyaataa fiduu danda'a.

Ajaja II. Gaaffiiwwan asiin gadii deebii sirrii ta'e filachuun deebisi.

1) Karaa naannoo itti kunuunsu kan agarsiisu kami??

A. bakka arginetti balfa gatuu
B. bishaan qisaasuu
C. bosona ciruu
D. balfa karaa sirrii ta'een dhabamsiisuu

2) Nama balfa gatuu yoo argite maal gochuu qabda?

A. tuffachuu
B. jajjabeessuu
C. balficha iddoo qopha'etti akka gatan gorsuu
D. kanneen balfa sana gatan rukutuu

3) Dhiibbaa hamaa naannoo irratti kan qabu isa kami?

A. biqiltuu dhaabuu
B. qabeenya uumamaa garmalee fayyadamuu
C. safuu eeguun naannoo kunuunsuu
D. qabeenya sirnaan ittifayyadamuu

4) Kunuunsa jechuun:

A. qabeenya qisaasessuudha
B. qabeenya waliif qooduudha
C. oomisha qabeenyaati
D. qabeenyi akka hinmiidhamneef eeguudha

Ajaja III: Deebii gabaabaa kenni

1. Karaalee naannoo ittiin kunuunfamu keessa muraasa tarreessi.
2. Naannoo kunuunsuu dhabuun miidhaawwan akkamii fida?

BOQONNAA 5

Naamusa Ittifayyadama Miidiyaalee Hawaasaa

Seensa

Boqonnaan kun, waa'ee ittifayyadama miidiyaalee hawaasaa kan bu'ureffatudha. Kunis, maalummaa, akaakuuwwan, barbaachisummaa miidiyaalee hawaasaatti naamusaan fayyadamuu dhiyeessa. Kanamalees, miidhaa miidiyaalee hawaasaatti sirnaan fayyadamuu dhabuun dhaqqabsiisuu danda'u ibsa.

Yaadrimeefi Jechoota Ijoo Ta'an: *Miidiyaa hawaasaa, icciitii namaa hatuu, icciiti tamsaasuu, seeraan fayyadamuu, marsariitii, namuusan ala faayyadamuu*

Bu'aalee barachuu barnoota boqonnichaa:

- miidiyaale hawaasaa maal akka ta'e ibsuu;
- akaakuu miidiya hawaasaa tarreessuu,
- barbaachisummaa miidiya hawaasaa ibsuu;
- naamusa fayyadama miidiyaa hawaasaa agarsiisuu;
- miidha miidiya hawaasaatti sirnaan fayyadamuu dhabuu irraa maddu adda baasuu.

5.1. Maalummaa Miidiyaalee Hawaasaa

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

Xumura barannoo kanaatti:


- Maalummaa miidiya hawaasaa ni ibsita;
- Miidiyaalee hawaasaa nitarreessita.

Gaaffii Hubannoo

- Miidiya hawaasaa jechuun maal akka ta'e beektaa?

Miidiyaan hawaasaa miidiyaa tooftaa qunnamtii teeknoolojiin deeggaramuun odeeffannoo garagaraa hawaasa biraan gahu jechuudha.

Miidiyaaleen hawaasaa kunneen tajaajiloota odeeffannoo bifa suuraa, sagalee, sursagalee, barreeffamaafi kan kana fakkaataniin waliif dabarsuuf oolu. Miidiyaalee hawaasaa kanneen jedhaman keessaa muraasni: Feesbuukii; Telegiraamii, Yuutuubii, Inistaagiraamiifi Tiwiitariifaadha.



Fakkii 5.1 Miidiyaalee hawaasaatti sirnaan fayyadamuu

Gocha 1

1. Miidiya hawaasaa jechuun maali?
2. Miidiyaalee hawaasaa kanneen jedhaman kam fa'i?

5.2. Barbaachisummaa Miidiyaalee Hawaasaa

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

Xumura barannoo kanaatti:

- barbaachisummaa miidiyaalee hawaasaa adda baafatta.

Gaaffii Hubannoo

- Miidiyan hawaasaa faayidaa akkamiif oola?

Miidiyaaleen hawaasaa safuu eegnee yoo ittifayyadamne, al-tokkotti namoota hedduu waliin qunnamtii uumuun odeeffannoo waktaawaa akka argannu nu gargaara. Akkasumas, taatee gola addunyaa kamittuu raawwate battalummatti akka barru nutaasisa. Kanaafuu,barattoonni namusaan yoo dhimma itti ba'an, beekumsa isaanii gabbifachuufi muxannoo garagaraa irraa argachuu danda'u. Haata'umalee, odeeffannoofi muxannoo karaa miidiyaa hawaasaa darbu hunda sirriidha jedhanii fudhachuun rakkisaadha. Kanaaf, maddoota amanamoo ta'an qofarraa odeeffannoo fudhachuun barbaachisaadha. Odeeffannoofi muxannoon fudhannu maddoota amanamoo ta'an qofa irraa fudhachuun barbaachisaadha.

Gocha 2

Bifa safuu eegeen miidiyaalee hawaasaatti fayyadamuun faayidaa akkamii qaba?

5.3. Naamusa Ittifayyadama Miidiyaalee Hawaasaa

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

Xumura barannoo kanaatti:

- Naamusa ittifayyadama miidiyaalee hawaasaa beekuun hojiirra oolchita.

Gaaffilee Hubannoo

- Naamusni miidiyaalee hawaasaatti fayadamuuf hordofuu qabnu maal fa'i?
- Fakkiin (a) fi (b) asiin gadii maal agarsiisu? Odeeffannoo walfakkaataa dabarsuu?

Fakkii 'A'



Fakkii 'B'



Odeeffannoowwan miidiyaalee hawaasaatiin gadilakkifaman kamiyyuu, fudhachuufi namoota birootiif qooduun dura qabiyyeefi ergaa isaa adda baafachuun barbaachisaadha. Sababni isaatis, odeeffannoon sobaa

miidhaa geessisuu waan danda'uuf ofeeggannoo guddaa taasisuu qabna. Odeeffannoon sobaa tasa gara fuula miidiyaa keenyatti kan dhufu yoo ta'es, madda dhugaa irraa qulqulleeffachuun sirreessuuf tattaafachuu qabna. Kanaaf, odeeffannoowwann miidiyaalee hawaasaarraa fudhannuufi namoota biroofis qoonnu; dhugaafi madda dhugaa irraa kan arganne qofa ta'uu qaba.

Odeeffannoo qulqulluu ta'e qofa miidiyaalee hawaasaarratti qooduun faayidaalee hedduu qaba. Inni tokko, odeeffannoo sobaatiin namoota biroo dogoggorsuu hambisa. Kan biraa, amanamaa ta'uu keenya hawaasatti beeksisa. Akkasumas, hordoftoota keenya biratti kabajamaafi jaalatamaa nutaasisa.

Qajeelttoowwan naamusaa miidiyaalee hawaasaa fayyadamuu keessatti hordofuu qabnu:

- Bilbilli yoo siif bilbilame kabajaan itti haasa'i;
- Odeeffannoo dhageesse osoo hinqulqulleefatin, namoota biroof hinqoodin;
- Odeeffannoo safuu hawaasaa cabsu dabarsuufi fudhachuu irraa ofqusadhu;
- Hayyamaan alatti, nama tokko suuraa kaasuufi viidiyoo waraabuun hinmaxxansin;
- Miidiyaalee hawaasaa waan gaarii qofaaf ittifayyadami;
- Miidiyaalee hawaasaarratti yeroo dheeraa dabarsuu irraa ofqusadhu.

Naamusa odeeffannoo namootaaf qooduuu keessatti hordofuu qabnu:

Odeeffannoo tokko miidiyaalee hawaasaarratti qooduun dura faayidaafi miidhaa isaa madaaluun barbaachisadha. Naamusa hordofuu qabnu keessaa muraasni:

- Wanta dhugaa ta'e qofa hawaasaaf qooduu;
- Waan hawaasa fayyadu qofa qooduu;
- Waan nama onnachiisu yookiin jajjabeessu qofa qooduu;
- Waan murteessaafi yeroo isaa eeggate qofa qooduu;
- Odeeffannoo altokkotti hiika adda addaa kennuu danda'u qooduu dhiisuudha.

Gocha 3

1. Naamusa miidiyaalee hawaasaa fayyadamuu keessatti hordofamuu qaban tarreessi!
2. Safuun Oromoo ittifayyadama miidiyaalee hawaasaa keessatti kabajamuu qabu maal fa'a?

5.4. Miidhaawwan Miidiyaalee Hawaasaatti Karaa Hinmalleen Fayadamuu

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

Xumura barannoo kanaatti:

- Miidhaalee miidiyaa hawaasaatti karaa hinmalleen fayadamuu irraa maddan nitarreessita.

Gaaffii Hubannoo

- Miidiyaalee hawaasaatti karaa hinmalleen fayyadamuun miidhaa akkamii dhaqabsiisuu danda'a?

Miidhaawwan miidiyaalee hawaasaatti sirnaan fayyadamuu dhabuun qaqqabsiisu keessaa muraasni:

1. Araada miidiyaa hawaasaa fayyadamuun qabamuu:

Barattoonni araada kanaan qabaman yeroo isaanii baay'inaan miidiyaa hawaasaa fayyadamuu irratti dabarsu. Kunis, yeroo baay'ee mana keessa akka turan waan taasisuuf, hiriyoota wajjiin taphachuuf isaan danqa. Sababa kanaan, firaafi hiriyaa irraa adda bahuun qofa-galeeyyii ta'uu danda'u. Akkasumas, araadichi yaadaafi qalbii hatuun, akka duudhaafi safuu irraanfatan isaan taasisa. Kanarraa kan ka'e, safuu Oromoo kanneen akka manguddoota, haadhaafi abbaa kabajuu nidagatu.

2. **Arrabsamuu**: miidiyaalee hawaasaa irratti wantoota dhugaa hintaaneefi safuu hineegne maxxansuun arrabsamuufi balaaleffatamuu hordofsiisa.

3. **Hamilee cabuu:** dogoggora namni tokko tasa hojjate fudhachuun, yeroo hunda karaa miidiyaalee hawaasaa tamsaasuun hamilee nama sanaa cabsuu danda'a.

4. **Balaaleffatamuu:** karaa miidiyaalee hawaasaa oduu sobaa babal'isuun safuu cabsuudha. Namni safuu hawaasaa cabse immoo, nijibbama; nibalaaleffatama.

Gocha 4

Miidiyaa hawaasaatti sirnaan fayyadamuu dhabuun, miidhaa geessisuu dandaaa?

Qordhimma:

Nagaasaafi Abdiin hiriyyoota. Lamaanuu barattoota kutaa 5ffaati. Nagaasaan mana barumsaatii gallaan bilbila harmee isaa fuudhee taphoota adda addaa taphachuun yeroo isaa dabarsa. Kun yoo isa nuffisiise ammoo, miidiyaalee hawaasaa biroo fayyadama. Kunimmoo, araada itti ta'aa dhufe. Qo'achuufi hojii manaatis hojjachuu dagachaa deeme. Yeroo mana barumsaa dhaqu ammoo, odeeffannoo miidiyaalee irraa arge hunda hiriyoota isaatti odeessa. Hiriyoonni isaatis, waan dhaga'an yemmuu qulqulleeffatan, odeeffannoo sobaa facaasaa jiraachuu hubatanii isa balaaleffatan.

Abdiin garuu, akkuma mana barumsaatii galeen laaqana isaa nyaata. Itti aansee, hojii manaa isaa erga hojjatee xumureen booda hiriyoota isaa wajjiin kubbaa taphata. Yeroo mana barumsaa deemus barnoota dareetti kennamu hunda sirritti hordofa. Yeroo boqonnaa isaa mana kitaabaa deemee dubbisuufi beekumsa isaa gabbifachuuf miidiyaalee adda addaa hordofuun dabarsa. Haaluma kanaan, cimee waan barateef dhuma waggaa irratti akka mana barumsaatti tokkoffaa bahee badhaafame.

Gocha 5

1. Nagaasaan maaliif hiriyoota isaatiin balaalleffatame?
2. Abdiin maal hojjatee barnoota isaatiin milkaa'e?

Miidiyaalee hawaasaa fayyadamuu keessatti gochoota safeeffatamuu qaban

- maqaa, teessoo, lakkoofsa bilbilaafi lakkoofsa darbiinama hinbeekneef kennuu;
- nama hinbeekneef suuraa keenya kennuu;
- imeeliifi faayila nama hinbeeknee banuu;
- nama hinbeekne waliin toora irratti haasa'uu;
- jechoota safuu hineegnetti fayyadamuufi kan kana fakkaatanidha.

Guduunfaa

Miidiyaaleen hawaasaa marsariitii karaa toora interneetii kanneen akka Feesbuukii, Tiwutarii, Inistaagiraamii, Telegiraamii, Yuutuubii, TikTookii fi kan kana fakkaatan fayyadamuun odeeffannoo dabarsuufi fudhachuuf kan tajaajilanidha.

Miidiyaalee hawaasaa kanneenitti fayyadamuun naamusa mataa isaa qaba. Naamusa itti fayyadama miidiyaa hawaasaa keessaa isaan ijoon; oduu sobaa facaasuu dhiisuu, dhugaa adda baafachuun deeggaruu, jechoota safuu hawaasaa cabsan fayyadamuu dhiisuu, yeroo baay'ee irratti gubuu dhiisuu fa'i.

Miidiyaalee hawaasatti sirnaan fayyadamuu dhabuun miidhaa guddaa fiduu danda'a. Miidhaawwan karaa miidiyaalee hawaasaa dhufuu danda'an keessaa isaan ijoon: araada miidiyaalee hawaasaa fayyadamuu-tin qabamuu, arrabsamuu, hamilee cabuufi jireenya hawaasummaa keessaa ba'uu fa'i.

Gaaffilee Keessa Deebii Boqonnichaa

Ajaja I. Himoota asii gaditti dhiyaatan keessaa kan sirrii ta'e 'Dhugaa' kan sirrii hin taane immoo 'Soba' jechuun deebisi.

1. Miidiyaalee hawaasaatti fayyadamuun bu'aa malee miidhaa hinqabu
2. Yommuu miidiyaalee hawaasaatti fayyadamnu safuu hawaasaa eeguuf dirqama qabna
3. Oduun karaa miidiyaalee hawaasaa darbu hundi dhugaadha.
4. Miidiyaa hawaasaa irraa beekumsa argachuu dandeenya.
5. Oduu sobaa tamsaasuu dhiisuun safuu hawaasaa eeguudha.

Ajaja II. Gaaffilee asiin gadiif deebii gabaabaa kenni

1. Miidiyaalee hawaasaa kanneen jedhaman tarreessi?
2. Miidiyaalee hawaasaatti sirnaan fayyadamuun bu'aalee akkamii argamsiisa?

BOQONNAA 6

Walitti Dhufeenya Aadaa

Seensa

Boqonnaa shanaffaa keessatti, waa'ee maalummaa, barbaachisummaafi miidhaawwan miidiyaalee hawaasaatti akka malee fayadamuu barattee jirta. Boqonnaa kana keessatti immoo, maalummaa aadaa, barbaachisummaa walitti dhufeenya aadaa, walitti dhufeenya aadaafi giloobalaayizeeshinii.

Yaad-rimeefi Jechoota Ijoo: *loogii, qunnamtii, giloobalaayizeeshinii, walitti dhufeenya aadaa,*

Bu'aalee barachuu barnoota boqonnichaa:

- maalummaa walitti dhufeenya aadaa ibsuu;
- barbaachisummaa walitti dhufeenya aadaa ajaa'ibsiifachuu;
- walitti dhufeenya aadaafi giloobalaayizeeshinii adda baasuu;
- mul'istoota walitti dhufeenya aadaa ibsuu.

6.1. Maalummaa Walitti Dhufeenya Aadaa

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

Xumura barannoo kanaatti:

- maalummaa walitti dhufeenya aadaa ni'ibsita;
- wantoota walitti dhufeenya aadaa cimsan adda nibaafatta.

Gaaffilee Hubannoo

- Garaagarummaan aadaa barattoota mana barumsaakee gidduu jiru maal fa'i?
- Walitti dhufeenya aadaa jechuun maali?

Biyya keenya keessa saboota, sablammootaafi ummatoota garagaraatu waliin jiraata. Saboonni, sablammoonnifi ummatoonni afaan, aadaa, seenaa, duudhaafi falaasama mataa ofii qabu. Saboonni yeroo dheeraaf ollaa walii jiraatan waan waliif kennaniifi walirraa fudhatan qabaatu. Adeemsi kun immoo, walitti dhufeenyi aadaa akka uumamu taasisa. Walitti dhufeenyi haala kanaan saboota gidduutti uumamu, walhubannaa waan fiduuf nagaafi tasgabbiin akka waliin jiraatan isaan taasisa.

Kunis, inni tokko waan inni biroo jaallatuufi jibbu waan beekuuf waldanda'anii waliin jiraachuuf isaan fayyada. Akkasumas, wantoonni nageenya isaanii booressuu danda'an yoo mul'achuu eegalan, dursanii waliigaluun to'achuu danda'u.

Yeroo ammaa, sababa babal'ina saayinsiifi teeknoloojii irraa kan ka'e addunyaan akka ganda tokkootti fudhachuun nidanda'ama. Haalli kunis, namootni aadaa walii akka hubataniifi kabajan taasisuu keessatti gahee ol'aanaa taphatee jira.



Fakkii 6.1. Walitti dhufeenya aadaa

Gocha 1

1. Walitti dhufeenya aadaa jechuun maal jechuudha?
2. Fakkii 6.1 ilaaluun garaagarummaa aadaa mul'atan keessaa sadii barreessaa.

6.2. Barbaachisummaa Walitti Dhufeenya Aadaa

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

Xumura barannoo kanaatti:

- bu'aa walitti dhufeenya aadaalee irraa argamu nitarreessita;
- walitti dhufeenya aadaa keessatti walirraa barachuun akka danda'amu nidinqisiifatta.

Aadaawwan garagaraa addunyaa kana keessatti argaman hariiroo waliin qabaachuun beekkamu. Hariiroon aadaa gidduutti cimaa yoo deeme bu'aalee hedduu qabaata. Barbaachisummaa walitti dhufeenyaa aadaa kanneen ta'an keessaa muraasni: aadaa haaraa barachuu, ogummaa haaraa barachuufi ilaalcha dogoggoraa hambisuu fa'i.

1. Aadaa Haaraa Barachuu: Namni hammuma aadaa biroo waliin walitti dhufeenya uumaa deemu, waan haaraa aadaa sana keessa jiru barachaa deema. Ilaalchawwan keenya, akkaataan ittidubbannu, hariiroon miseensota maatii wajjin qabnuufi sirni nuti keessa darbinus dhiibbaa aadaa irraa bilisaa miti. Fakkeenyaaf, atiifi hiriyoonnikee aadaa garagaraa walirraa barachuu dandeessu.

2. Ogummaa Haaraa Barachuu: Aadaan Aadaan gochaalee bal'aa garee namoota murtaa'e tokkoo ibsa. Fakkeenyaaf, haala nyaataa, shubbisaa, ispoortiifi aadaa waa dubbisuu fa'i. Ogummaawwan aadaa kee wajjin walqabatan tokko tokko dursitee qabaachuu dandeessa. Haa ta'u malee, hariiroo aadaa gidduutti ta'uun immoo carraa ogummaa biroo barachuu ni argatta. Kunis, ispoortii kutaa Itoophiyaa adda addaa keessatti taphatamu hiriyaakee irraa barachuu dandeessa. Dabalataan, maatii yookiin hiriyaakee wajjiin walitti dhufeenya taasisuuf jecha afaan haaraa barachuu dandeessa.

3. Ilaalcha Dogoggoraa Hambisuu: Ilaalchi dogoggoraa namoonni aadaa yookiin nama biroo irratti qaban kallattii sirritti deebi'uu qaba. Hariiroon aadaa immoo, miidhaa akkasii kana nihambisa ykn xiqqeessa. Akaakuun walitti dhufeenya aadaa hedduu yoo ta'anillee; yeroo ammaa addunyaa irratti gama sanyii, umrii, amantaa, lammummaa, kornayaafi dandeettiin walitti dhufuun kan baratameedha. Walitti dhufeenya kana keessatti, namoota aadaan nurraa adda ta'an waliin gaa'ila, hiriyummaafi hariiroo uummachuu dandeenya. Namoota kana wajjin nageenyaan jiraachuuf waa'ee isaanii yaada gaarii qabaachuun murteessaadha.

Hariiroo aadaa gidduu jiru eeguun fedhii hawaasummaa bu'uura ta'an sadii guuta. Isaanis:

1. **Uummata keessatti hammatamuu**: kunis miira 'uummata kooti' jedhu nama keessatti uuma.
2. **Jaalala**: jaalala namni nuuf qabuufi nuti namaaf qabnu agarsiisa.
3. **Tokkummaa qabaachuu**: garaagarummaa aadaa jiru waldanda'uun akka waliin jiraatan taasisa.

Gocha 2

Walitti dhufeenyi aadaa faayidaalee akkamii qaba?

7.3. Walitti dhufeenya Aadaafi Giloobaalaayizeeshinii

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

Xumura barannoo kanaatti:

- maalummaa giloobalaayizeeshinii ni ibsita;
- hariiroofi dhiibbaa giloobalaayizeeshiniin aadaa irratti qabu nidinqisiiffatta.

Gaaffii Hubannoo


Waa'ee giloobalaayizeeshinii maal beekta?

Giloobalaayizeeshiniin yeroo ammaa uummata addunyaa walitti fiduun beekkama. Haata'u malee, addunyaa kana keessatti walqooduun (loogii) fi waldanda'uu dhabuun rakkoo guddaa ta'aa jira. Haalli kunis, yeroo aad-danummaan dabalaa jiru kanatti, saboota gidduutti ilaalchi walqixummaa akka dhabamu nitaasisa.

Loogiifi ilaalchi dogoggoraa kun: carra hojii, barnoota, iddoo jireenyaa, mirga siyaasaafi kanneen biroo keessatti calaqqisuu danda'a. Kun immoo, hariiroo aadaa irratti dhiibbaa taasisa. Kanaafuu, akkuma nuti aadaa keenya jaallannu; namoonni biroos aadaa isaanii akka jaallatan hubachuun walitti dhufeenya aadaa cimsuun barbaachisaadha.

Gama biraatiin, guddinni giloobalaayizeeshinii walitti hidhamiinsaafi walirratti hirkannaa aadaaleefi hawaasaa gidduutti uumaa jira. Kana jechuun, walitti hidhamiinsi kun addunyaa aadaa tokko qofa qabdu uuma jechuu akka hintaane hubachuun gaariidha. Akkasumas, addunyaan teekinolojiin walitti hidhamte jechuun daangaa tokko sararatte jechuu

akka hintaane beekuunis barbaachisaadha.

Walitti hidhamiinsi dabaluu jechuun garaagarummaan aadaa addunyaa hafee aadaa tokkotti hammatamu jechuu miti. Teeknoloojiiwwan qunnamtii haaraan nama walitti dhiheessa jechuunis addunyaa tokkummaa qofaa qabdu keessatti hirmaanna jechuu akka hintaane beekuun barbaachisaadha. Sababa walirratti hirkattummaan dinagdeefi siyaasaa akkasumas, geejjibaafi qunnamtiitiin dabalaa dhufeen addummaan aadaatis dhiphachaa dhufee jira.

Walitti dhufeenya aadaa cimsuu keessatti teeknoloojiiwwan qunnamtii gahee guddaa qabu. Fakkeenyaaf, teeknolojiiwwan qunnamtii haaraan namoonni addunyaa kana irra jiran kallattiin akka wal qunnaman taasisa. Daawwattoonni kutaa addunyaa tokko keessa jiran taateewwan yeroo qabatamaa kutaa addunyaa biroo keessatti mul'atu salphaatti ilaaluu danda'u. Kanuma waliin teeknooloojiiwwan kunniin aadaan ganamaa miidiyaa mataa isaanii akka uummataniifi namoonni biyya biraa jiraatan hawaasa qe'ee isaanii waliin hariiroo cimaa akka qabaatan taasisa. Haalli kun addunyaa gara sirna fayyadama tokkotti fidee jira.

Hariiroo aadaa garagaraa gidduu jiru ijaaruu keessatti, gufuun guddaan 'aadaa koo qofatu caala' jechuun aadaawwan biroo akka gadiaanaa ta'anitti ilaaluudha. Ilaalchi aadaa ofii qofa giddu galeeffachuun kun waa'ee saba biraa ilaalcha sirrii hintaane qabaachuu irraa madda. Ilaalchi dogongoraa immoo dhugaa waa'ee aadaa saba biroo akka hinhubanne nu dhorka. Kanaafuu, namoonni waliin jiraachuuf ilaalcha dogoggoraafi loogii irraa of eeguu qabu.

Qunnamtiin aadaa seeraa mataa isaa qaba. Seerri garuu aadaa irraa gara aadaatti garaagarummaa qaba. Yeroo qunnamtii taasisnu, seera aadaa biroo keessa jiru hunda beekuu dhiisuu dandeenya. Ilaalchi sirrii hintaane kan aadaa tokkoof kenninu yookiin sammuu hubataa dhabuun haalicha caalatti hammeessa yookinis akka aadaa sanatti hinmadaqne nu taasisa.

Gocha 3

1. Aadaa koo qofatu caala jechuun hariiroo aadaa irratti dhiibbaa akkamii qabaa?
2. Saboonni gara garaa aadaa walfakkaataa qabaachuu danda'u jettee yaadda?
3. Aadaa walfakkaataa horachaa deemuun maal fida jettee yaadda?

6.4. Mul'istoota Hariiroo Aadaa

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

Xumura barannoo kanaatti:

- qunnamtii bu'a-qabeessa aadaa keessatti barbaachisan adda baafatta;
- hariiroo aadaa keessatti wantoota uummamu danda'an ni ibsita.

6.4.1. Qunnamtii Bu'aqabeessa

Gaaffilee Hubannoo

1. Qunnamtiin bu'a-qabeessa jechuun maali?
2. Hariiroon ati hiriyootakee wajjin qabdu bu'a-qabeessa jettee yaaddaa?

Qunnamtii Qunnamtii bu'a-qabeessa jechuun yaada, beekumsaafi odeeffannoo haala gaariin waljijjiiruun kaayyoo tokko galmaan ga'uudha Kunis, ergaa fudhataan yaada nama ergaa dabarsuu haala gaariin hubachuu danda'uu jechuudha. Qunnamtiin bu'a-qabeessi kanneen asiin gadii ofkeessatti hammata.

a. Ergaa dabarsaa: nama qaama biraatiif dhaamsa dabarsudha.
b. Ergaa fudhataa: nama qaama ergaa dabarsurraa dhaamsa fudhatudha.
c. Ergaa: dhaamsa yookiin yaada nama ergaa dabarsurraa gara nama ergaa fudhatuutti deemu.

Amaloota Qunnamtii Bu'a-qabeessa Ta'anii

Adeemsa qunnamtii keessatti, ergaa dabarsuun qofti gahaa miti. Kanaaf, haalota odeeffannoo bu'a-qabeessa taasisan kanneen asiin gadiirratti xiyyeeffachuun barbaachisaadha.

- **Ergaa ifaa ta'e:** ergaan nama dhaamsa dabarsu irraa darbu salphaatti kan hubatamuufi sirnaan kan qophaa'e ta'uu qaba.
- **Ergaa sirrii ta'e:** odeeffannoon dabarfamu karaa kamiinuu soba ta'uu hinqabu; dogoggora qabiyyeefi caaslugaa irraa bilisa ta'uu qaba.
- **Ergaa guutuu:** odeefannoo guutuun murtii sirrii kennuuf bu'uuradha. Sababi isaatis, odeeffannoon tokko guutuu yoo hintaane murtoon dogoggoraa akka kennamu taasisa.
- **Ergaa gabaabaa:** ergaan ergamu gabaabaafi qindaa'a ta'uu qaba. Kunis, hiikaa qajeelaafi tarkaanfii barbaadamu fudhachuuf haala mijeessa.
- **Dhugummaa ergaa:** namni ergaa dabarsu, wanti inni dabarsu hundi sirrii ta'uu mirkaneeffachuu qaba. Kunis, ergaan isaa yoo dhugummaa qabaate namni ergaa sana fudhatu qaama ergaa dabarsu irratti amantaa qabaata.
- **Nama ergaa fudhatu yaada keessa galfachuu:** namni ergaa dabarsu ilaalcha, afaan, beekumsa, sadarkaa barnootaafi ejjennoo ergaa fudhataa yaada keessa galchuu qaba.
- **Kabaja:** ergaan qophaa'u kabaja nama ergaa fudhatuuf qabu calaqqisiisuu qaba.

Gocha 4

Ergaa barsiisaan barataa tokkotti himu hordofuun; isinis akka taa'umsa keessaniitti asaasuun gurratti walitti himaa. Sanabooda, ergaa barsiisaan barataa jalqabaatti himeefi jecha barataan inni dhumaa hime takko ta'uu isaa madaala!

1. Ergaan jalqaba himameefi kan xumuraa garaagarummaa qaba?
2. Yoo qabaate maaliif adda adda ta'e jettanii yaaddu?

6.4.2. Walhubannaa Aadaa

Gaaffilee Hubannoo

1. Aadaa walii hubachuu jechuun maal jechuudha?
2. Aadaa walii hubachuun faayidaa akkamii qaba?

Aadaa walii hubachuu jechuun adeemsa abbootiifi gaggeessitoonni hawaasa biratti dhageettii qaban, hawaasaa aadaa garagaraa walitti fiduun hubannoo waloo akka argatan taasisaniidha. Kunis, waldhabdee sababa aadaa walii hubachuu dhabuun dhufuu danda'an maqsuu keessatti gahee ol'aanaa kan taphatudha. Fakkeenyaaf, hawaasa aadaa garagaraa qabu gidduutti waldhabdeen tokko kan uumamu yoo ta'e, qaamoleen hawaasa biratti fudhatama qaban garee lamaan walitti fiduun waliin mari'atanii akka rakkoo isaanii furatan haala mijeessu.

Adeemsa kana keessatti, haala mijeessitoonni qaawwa gama aadaa walii hubachuu dhabuutiin jiru riqicha ta'uun hawaasa walitti fiduun yaada furmaatarra akka gahan taasisu. Kanaaf, hawaasni kamiyyuu garaagarummaa aadaa gidduu isaanii jiru walii hubachuun dhiibba tokko

malee waliin dubbachuun rakkoo isaa akka furatatu gochuu keessatti faayidaa guddaa qaba.

Faayidaalee aadaa walii hubachuun qabu keessaa ijoon:

- waldhabdee aadaa walii hubachuu dhabuun uumamuu danda'an xiqqeessuu;
- walqunnamtiifi hubannoo fooyya'aa ta'e hawaasa gidduu akka jiraatu taasisuu;
- qaamoleen hawaasa akka waliin mari'ataniifi yaada isaanii ibsatan carraa kennuuf;
- hawaasa giddutti aadaa rakkoo ofii waliin dubbiin furachuu dagaagsuufi kan kana fakkaatanidha.

6.4.3. Qunnamtii Dammaqina Qabu Horachuu

Gaaffii Hubannoo


Qunnamtiin dammaqina qabu maaliin ibsama?

Qunnamtii dammaqina qabu horachuun, dandeetti waan barbaannu ifatti himachuu danda'uu horachuudha. Kunis, dhalootaan kan argamu osoo hintaane, ogummaa baratamuu danda'uudha. Muuxannoo waan barbaannu tokko ifatti himachuu hinqabnu yoo ta'e namoota aadaa garagaraa qaban hubachuun rakkisaa ta'uu danda'a. Tarkaanfiiwwan qunnamtii dammaqaa qabaachuuf gargaaran keessaa gurguddoo kanneen asiin gadiiti.

1. Taatee miira keenya mufachiisu adda baasuu: hamma danda'ametti akka nama kaayyoo qabu tokkootti dhugaa jiru qofa ibsi.
2. Miira keenyaaf ittigaafatamummaa fudhachuu: miirakee yommuu

ibsitu jechoota miira sitti dhaga'amu ibsan filadhu.

3. Waan nubarbaachisu argachuu dhabuu adda baafachuu: Yeoo joollummaatti hiriyaan waan nubarbaachisu beekee ofumaan akka nuuf kennu eeganna. Kun yeroo tokko ni ta'a. Garuu, yoo ofii keenyaa fedhii keenya adda baasuufi ifatti itti himuu dandeenye carraan fedhii keenya guuttachuu guddaadha.
4. Waan barbaannu gaafachuu: fedhiikee bifa ajajaatiin osoo hintaane bifa gaaffiitiin ibsi.

Gocha 5

Hiriyyaakee waliin ta'uun odeeffannoo waa'ee eenyummaa aadaa keetii asiin gaditti dhiyaate dabtarakee irratti guuti.

1. Eenyummaan Aadaa koo: _____
2. Aadaa ani qabu: _____
3. Mallattoolee barbaachisoo: _____
4. Nyaata aadaa koo keessatti nyaatamu: _____
5. Ayyaanota ani itti gammadu: _____
6. Bakkeewwan barbaachisoo daawwatamuu qaban:_____
7. Uffata ani uffadhu: _____
8. Aartii beekamaa: _____
9. Odeeffannoowwan barbaachisoo biroo: _____

Guduunfaa

Walitti dhufeenyi aadaa faayidaalee adda addaa qaba. Faayidaalee kanniin keessaa muraasni aadaa haaraa barachuu, ogummaa haaraa barachuufi ilaalcha dogoggoraa hambisuu fa'idha. Namoonni hammuma namoota aadaa adda addaa qaban waliin walitti dhufeenya uumaa deeman, aadaa isaanii waliinis walitti dhufeenya uumaa deemu. Kunimmoo, waan haaraa aadicha keessa jiru akka walirraa barachaa deeman taasisa.

Guddinni saayinsiifi teeknoloojii walitti hidhamiinsaafi walirratti hirkannaa aadaaleefi hawaasaa gidduutti uuma. Kunimmoo, giloobalaayizeeshiniifi walitti dhufeenyi aadaa hidhata qabaachuu agarsiisa. Mul'istoota walitti dhufeenya aadaa kanneen jedhaman: qunnamtii bu'a-qabeessa, aadaa walii hubachuufi qunnamtiin dammaqina qabu fa'idha.

Qunnamtii bu'a-qabeessa jechuun yaada, beekumsaafi odeeffannoo waljijjiiruun kaayyoon tokko haala gaarii akka raawwatamu taasisudha. Aadaa walii hubachuu immoo, adeemsa abbootiifi manguddoonni hawaasaa aadaa garagaraa qabu walitti fiduun hubannoo waloo akka argatan taasisanidha. Kunis, waldhabdee sababa aadaa walii hubachuu dhabuun dhufuu danda'an maqsuu keessatti gahee ol'aanaa kan taphatudha. Kan biraa, tarkaanfiiwwan dammaqaa qabaachuuf gargaaran muraasni taate ofii mufachiisu adda baasuu, miira ofiitiif ittigaafatamummaa fudhachuu, waan barbaachisu argachuu dhabuu adda baafachuuf waan bar-baannu gaafachuu fa'i.

Gaaffilee keessa deebii boqonnichaa

Ajaja I: Yaanni himoota asiin gadii yoo sirrii ta'e 'dhugaa' yoo sirrii hintaane ammo 'soba' jedhi deebisi.

1. Teeknooloojiin aadaan odeeffannoo waljijjiiruu akka dabalu gumaacheera.
2. Jaarraa darbe keessa fageenyi hariiroo hawaasummaa daangessee ture.
3. Ilaalchi dogoggoraa dhugaa lafa jiru akka hinhubanne nu dhorka.
4. Aadaa kootu caala jechuun walitti dhufeenya aadaa gidduu ijaaruuf gufuu ta'a.

Ajaja II. Qubee deebii sirrii qabu filadhu.

1. Addunyaa har'aa keessatti biyyoonni akka ganda tokkootti maaliif fudhatamu?

   A. garaagarummaa aadaa

   B. babal'ina barnootaa

   C. guddina miidiyaalee

   D. garaagarummaan jireenyaa

2. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu mul'istoota walitti dhufeenya aadaa jalatti ramadama?

   A. quunnamtii bu'a-qabeessa

   B. aadaa walii hubachuu

   C. quunnamtii dammaqina qabu

   D. Hunduu deebiidha

3. Kanneen asiin gadii keessaa tokko hariiroo dhala namaa eeguu keessatti fedhii hawaasummaa bu'uuraa guutuu miti.
   A. hammatamuu
   B. jaalala
   C. hammatamuu dhabuu
   D. tokkummaa
4. Kanneen asiin gadii keessaa amala qunnamtii bu'a-qabeessa ta'e kan hintaane isa kami?
   A. ergaa guutuu
   B. ergaa sirrii ta'e
   C. dhugummaa
   D. amanamumma dhabuu

Ajaja III: Iddoo duwwaa guuti

1. Hariiroon aadaa gidduu maal jedhama?
2. Faayidaaleen aadaa walii hubachuu qabu fa'i?